




# GALAALCHA DIRREE

Bara 1 Lakk. 1 | Maxxansa Torbe | Wixata - Ebla 18 - 2013 | Gatii Qar. 2:00

## Rakkoo Daandii Dirree Dhawaa haala waaraan furuuf akka itti danda'amu irratti Qorannoo geggeefamaa jiru irratti mari'atame.





Guddina Dirree Dhawaa waggooṭan 20 dhufuuf baadhachuu kan danda'u Ijaarsa bu'ura misoomaa keessattuu Daandii ammayaawaa Rakkoo Daandii Dirree Dhawaatti mul'achaa jiru haala waaraan furuun akka itti danda'amu irratti deegarsa Mootummaa Faransaayiin garee Qorannoo geggeessaa jiruu waliin hoogantoonni Bulchiinsaa

Guyyaa arraa Ebla 13-2013 tti Dirree Dhawaatti marii geggeessaniiru marii kana irratti kantiibaan bulchiinsa Dirree Dhawaa Obbo Ahmad Mahamad Buuh akka ibsanitti Magaalaan Dirree Dhawaa roga gara garaan guddina galmeessaa jirti roga guddina saffisaa ittiin galmeessaa jirtu keessaa tokko hawaasni geejiba konkolaataatti fayadamuudha jedhanii Bulchiinsi guddina magaalattiif hojiiwan baay'ee hojjachaa jiru keessaa ijaarsi bu'uraalee misoomaa keessattuu ijaarsa daandii hojjachaa jiraachuu eeranii Guddinni Geejiba Konkolaataa akkaan ol'aanaa ta'uu irraa kan ka'e Daandiin walqabatee yeroo dhihoon asitti rakkoon hanqina daandii mul'achuu jalqabe haala waaraa ta'een furuuf duursanii deegarsa Mootummaan Faransaayiin Gareen Qorannaa geggeessaa jiru Bu'aa Qorannoo isaaniin haala Guddina Magaalaa Dirree Dhawaa kan waggoottan 20 dhufuuf Daandii baadhachuuf dandeesisu ijaaruuf murteessaa taachaa ibsan.

Gareen kun Qorannoo geggeessaa turee sadarkaa Daandii Dirree ol guddisuuf Filannoon sadi kan dhiyaate yoo ta'u filannoowan dhiyaatan keessaa

1 Daandii magaalaa Dirree Dhawaa iddoo lamatti qoodee qaxaamuru walakkaa magaalattiitti ijaaruu

2 magaalaa Dirree Dhawaa iddoo amma jirtuun alatti Dirree haara'a hundeessuun Daandii barbaachisu ijaaruuf hojiin Qorannoo geggeefamaati jira.




## Abbaan Taayitaa Galiiwan Bulchiinsa Dirree Dhawaa Ji'a (Baatii) Amajjiitti Birrii miiliyoona 155 ol 127.42% Sassaabuu beeksise




Abbaan Taayitaa Galiiwan Bulchiinsa Dirree Dhawaa Ji'a Amajjii bara bajataa 2013 tti Birrii miiliyoona 155 ol Sassaabuun Raawii 127.42% galmeessuu Daayireektarri Ol'aanaan Abbaa Taayitaa Galiiwan Bulchiinsaa Obbo Abdulsalaam Mahamad Raawii Hojii kan ji'a (Baatii) Amajjii bara 3013 ilaalchisuun ibsa laataniin beeksisaniirukka beeksise

Obbo Abdulsalaam Mahamad akka addeesanitti

Gara fuula 11 tti naanna'e

## Qaamolee Qajeelfama Koronaa ittisuu fi to'achuuf ba'e hin kabajne irratti tarkaanfiin kan fudhatamu taachaan ibsame.

Qajeelfama Vaayirasii Koronaa haara'aan Gochoottan dhorkaman ni beektuu



Qajeelfama weerara vaayirasii korona ittisuufi to'achuuf bahe Dirqamoota

**1.** Namni kamiyyuu vaayirasii koronaa qaba jedhe of shakku qaama ilaallatuuf gabaasa gochuun qoratamuufi nama biraatti akka hin dabarreef of eegannoo barbaachisaa gochuuf ittigafatamummaa qaba.

**2.** Namni tokko nama vayirasichan shakkame kamiyyuu yoo arge Ministeera Fayyaa, Inistitiyuutii Fayyaa Hawaasa Itoophiyaa, ykn buufata fayyaa naannawaasaatti argamutti beeksisuuf dirqama qaba.

**3.** Dhaabbileen mootummaas ta'e dhuunfaa tajaajila kennan,

Gara fuula 9 tti naanna'e

**JAALALAA FI DHIIFAMAAN IDAA'AMUUN BU'URA JABAA AMNA BADHAADHINA KEENYAATI!!**

# Fira Zayaruu, Soomana Furuu fi Harka qaleeyii deegaruu



Dinqisiifachuun Qaroomuudha Kurfii jedhu kana jalatti Barruu Dhimmoottan gara garaa kan hawaasaan raawatamanii dinqisiifannaa argachuu danda'an akka baramanii baay'inaan hawaasni raawachuun bu'aa hawaasa bal'aaf qaban gosoota Barruu gara garaan kan itti isin dubiftoota keenya biraan geenyuudha.

Kurfii Dinqisiifannaa keenya kan Maxxansa Kallacha Dirree Mogaasa jedhuun jalqabne Maxxansa Lakkoofsa tokkooDinqisiifachuun Qaroomuudh kurfii jedhu kana jalatti Barruu armaan gadii kan Gocha Dinqisiifanne kan Aadaa fi Duudhaa Umatni Dirreen Dhawaa ittiin jaarraa tokkoon oliif ittiin tokkummaa fi jaalalaan jiraachaa turan kan nu yaadachiise, kan ittiin isiniin geenyu ta'aa dubbisa gaarii akka isiniif ta'u hawina. Sagantaan Fira Zayaruu fi Soomana Furuu fi Harka qaleeyii deegaruu Araddaa 08 geggeefame.

Ji'a Ramadaanaa Kajamaa fi Jaalatamaa sababeefachuudhaan Qopheessummaa Waajjira Paartii Badhaadhina damee Dirree Dhawaattiin Mijeeysummaa Waajjira Liigii Dubartoota Paartii Badhaadhinaatiin Sagantaan Fira Zayaraa (gaafachuu), Soomana waliin Furuu fi namoota Harka qaleeyii deegaruu deegaruu Araddaa 08 ( Lagaharree) tti geggeefame.

kurfii Guyyaa 10 Ramadaana kan jalqabaa geggeefame kanaan namoota Harka qaleeyii jiraatota Araddaa 08 kan Hordoftoota Amantaa gara garaaf jechuuniis hordoftoota Amantaa Kiristaanaaf Waan Ayyaana Faasigaaf oolu akkasumaas hordoftoota Amantaa Islaamaaf waan ittiin Soomanan deegarsi mi'a nyaataaf ooluu deegarsi manneen namoota harka qaleeyiitti geessuun kan taasifameera.

Sagantaa kun Soomana Ramadaanaa Sababeefachuudhaan Firooma fi waliin jireenya akkasumaas wal-deegaruu Firooma cimsuu fi harka qaleeyii deegaruun Obbolumaa fi waliin jireenya cimsuuf kan Araddoottan Magaalaa Bulchiinsaa kanneen gara garaa keessatti Sagantaan Fira Zayaruu fi Soomana Furuu fi Harka qaleeyii deegaruu geggeefamaa turte hojii dinqisiifanne kan

Aadaa fi Duudhaa Umatni Dirreen Dhawaa ittiin jaarraa tokkoon oliif ittiin tokkummaa fi jaalalaan jiraachaa turan kan nu yaadachiise akkasumaas Nageenya Dirreen Dhawaa eegsisuuf Nageenya jechuun hokkaraafi gochoota biroo haaluma kamiinuu nagaa booressan, guutummaatti yaaddoorraa bilisa ta'anii jiraachuu, nagaadhaan jiraachuuf ammoo waraanni, hokkarriifi walitti bu'iinsi dhabamuu ta'us, waliigalaan yaadireen nageenyaa guutummaatti walitti bu'iinsarraa bilisa ta'uu jechuu otoo hintaane walitti bu'iinsota uumaman furaa waliiyaaduudhaan, walutubuudhaan, waldanda'uudhaan tokkummaadhaan jiraachuu danda'uu jechuudha.

Duudhaalee nageenyaa jechuun tooftaa duudhaalee amalaa, ilaalchaafi haala jireenyaafaa jechuudha. Duudhaan gochoota waraanaa, fincilaafi kkf balaaleffatuudha.

Egaa nagaan waantota lubbuu qaban hundaaf barbaachisuudha. Nagaan keessumaa wabii jireenyaa dhala namaati.

Nagaan kan namaa kennu Uumaa ta'us tokko tokkoon namaa dhugoomuu duudhaa kanaatiif qooda leencaa qaba.

Nagaan duudhaa gaarummaa ooluufi, yaaduufi raawwachuurraa kan madduudha. Hafuura qabaatee kan nagaa jibbu hinjiru.

Kanaaf hunduu bakkuma jirutti dhimma nagaa kanaaf qoodasaa nibahata taanaan nageenyi sababa hinmirkanoofneef hinqabu.

Nagaan akka aadaattis amantiileetti duudhaa iddoo olaanaa qabuudha. Kanumaafi dhalli namaa ennaa walargu hunda dursee nagaa kan walgaafatuuf.

Nagaan mi'aayinashiitiin maaliinuu hindorgomne kun duudhaasaa eeggatee nu wajjin oolee akka buluuf hundi keenya akka qaroo ijaatti eeggachuufi kunuunfachuu qaba.

Dhimma nageenyaa kanaaf iddoo guddaa kennuun kan beekaman dhaabbileen amantii biyya keenyaas kaleessarraa jalqabanii sirna kadhannaafi sagadaa torban tokkoof turu labsaniiru.

Sirni kadhannaafi sagadaa dhabiinsa nageenyaa biyyattiitti mul'atu akka jijjiiramuuf, filannoon geggeeffamuuf jedhu nagaadhaan jalqabamee akka xumuramuuf, weerarri koviid-19 haala haaraadhaan babal'ataa jiru furmaata akka argatu gochuurratti kan xiyyeeffateedha.

Obboleewwan yoo tokkummaadhaan Uumaasaanii garaa qulquluudhaan kadhatan deebii gaariin isa biraa akka argamu hubachuun lammiilee biyyattii marti karaa dhaabbilee amantiisaanii milkaa'ina sagantaa labsame kanaatiif akkasumas nageenyi Itoophiyaa bakkatti akka deebi'uuf wajjummaanis ta'e dhuunfaadhaan kadhachuu qabu.

Akkuma abbootiin amantii dhaamanittis xiqqaa guddaan Uumaasaa dhiifama gaafachuufi nageenyaaf waardiyyaa dhaabachuu qaba. Yoos milkoofna, rakkoon keenyas furmaata waarawaa argata.

Amantaan Musiliimaa nageenya labsuu, waldhabdee maqsuufi araara buusuun beekama. Keessattuu, qajeeltoowwan amantichaa bu'uureffachuudhaan hojii akka dhaabbata amantichaatti dhaloota itti gaafatamummaafi quuqamni itti dhagahamu ijaaruuf hojjetamaa dinqifannaa addaatiin ilaalla. Akka mootummaattis aadaawwaniifi duudhaalee man-dhalee hojii ijaarsa biyyaafi dhalootaa utuban akkasii jajjabeessuun har'aafi egeree keenya tolchuuf hojjechaa jirra.

Kanaafuu, carraa kanatti fayyadamnee baga baatii sooma Ramadaanaa geessan wayita jennu, ergaa ijoo lama dabarsuu barbaanna. Dursarratti, qabeenya waloo keenyaa kan taate magaalaa teenya nageenyiifi tasgabbiin amansiisaan akka jiraatuuf hundi keenya shoora gama keenyaa bahachuutu nurraa eegama Lammaffaarratti ammoo, hanga har'aatti hojiiwwan gaggaarii hiyyeessaaf birmachuu, harka-qalleeyyii bira dhaabbachuufi tumsa lammummaa fuula namaafi Uumaatti gatii ol'aanaa qabu raawwachaa turtaniittu. Ji'a Ramadaanaa eebbifamaa kana keessattis hojiiwwan gaggaarii aadaafi duudhaa godhattanii ummata keenya dhaalchisaa jirtan sana cimsitanii itti fufsiisuudhaan milkaa'inaan akka xumurtan amantaa guutuu qabna. Kanaafuu, irree gamtoomeen hojjennee galmoota badhaadhinaa qabanne milkeessuudhaan gadadoofi hiyyummaa injifachuuf akka hojjennu waamicha imaanaa dabarsina.

# Kaleessi...... Arra hin Ta'u

yeroon Of dura malee ofbooda deebitu Sekoondiin Daqiiqaan Sa'aa Guyyaa Torban Ji'a fi Waggaatti jijjiiramaa of dura deemu malee Yoomittuu waan feedhees goonuus, Akkamiyyuu ta'uuf yaaluus hin deebi'u sababni isaa waan Seera Uumamaa ta'ee.

hamam yeroo kana akka dhala namaatti Sekoondiin Daqiiqaan Sa'aa Guyyaa Torban Ji'a fi Waggaatti addaan foo'anii beekuu baatanillee Biqiltoonnii fi Bineensoninuu akka beekan sochii jireenyaaf taasisaniin hubachuun ni danda'ama Biqiltuun Guyyaa walakkaa baala isaa ni cufata malee akka ganamaa fi galgalaatti hin banatu, Beeyladoonniniis ganama soorataaf gara iddoo irraa dheedanitti yaa'an malee aduun erga dhiiteen booda ykn galgala hin yaa'an gara mooraatti bineensa irraa galu malee hin yaa'an.

Duuba ilmi namaa kan Sammuu akkaan guddoo tan waan baa'ee jijjiiruu dandeessu tan Uumamaan badhaafameen yeroo qabutti sirnaan fayyadamee Waantota jiruu fi jireenya isaa akkaan isaaf miidhagsuu fi mijeeysan baay'ee Uumuun Halkan dukana irraa Ifaa ibsatee deeminsa miilaa irraa Geejiba gara garaatiin gara iddoo yaaduutti imaluu danda'ee, fageenya iddoon osoo hin daangeefamin bilbilaan Dhaamsa barbaade dabarfatee firaa fi Aalii isaa bilbilaan qunnamee yaada bahatee sadarkaa qaroomina Biyoonni Guddatan yeroo ammaa lafa bira darbanii Pilaaneetota akka Maarsii faa irra qubachuuf yeroo halkanii fi guyyaa kan hojjachaa jiran nuti Ummatni Biyya Teenya Itoophiyaa tan duraan qaroominaa biyyoota adunyaa duursaa turte boodatti deebifnee hanga Biyyi teenya akka Fakeenya Beelaa fi Hoongeetti fudhatamtuun ga'uun keenyatti sheena'uu dhabnee yeroo ammaa kan jaarraa 21 Qaroominaa fi Teknooloojiitiin ofbooda deebinee Seenaa Abootiin Teenya jaarraa 18ffaa keessa turtetti deebi'uu hawinee Qaroominaan rakkoolee baay'ee waan feenu argachuu nu dhowuu bira darbee nyaataa fi dhugaatiinu osoo of hin danda'inii rakkinaa fi Gidiraa jireenyaa hamaa keessa dhaabannee Kaleessa kan dogogora Abbootiin teenya kalee walaalaan hojjatan kan haalaa hamaa keessa jirru kanaan nu ga'e dogogora biraa kan ammaas akka kana irra akkaan hamaatiin nu ga'uu danda'u hawinee hamiluufiin keenya nuti Guyyaan kalee darbe hin deebi'uu hin hubanemoo arra waan arraa hojjannee rakkoo keessa jiru jalaa boru baanee ilmaan keenya dhaloota dhufuuf Seenaa gaarii kan nu fakkaatu dabarsuu osoo dandeenyuu of ta'uu dadhabuun keenya hamam ilmi abbaa fakkaatuus Abbaa isaa ta'uu hin danda'u Abbaan isaa Abbuma isaati inniniis ilmuma Abbaa isaa ta'uun ala Abbaa mataa ofii isaaf akka ofii hin taane beeynee Ofta'uudhaan dogogora kalee irraa barannee cimina kalee qabannee yeroo teenya tan ofdura malee of duuba hin deebinetti sirnaan fayyadamuun Boru Biyya teenyaa fi ilamaan keenyaaf Seenaa Arraa tan mataa keenyaa dabarsuuf yeroo faana of dura haa imaluu jechuudhaaniin yaada koo Goolabaa waan dubbiftaniif Galanni keessan Guddaadhaa bulaa horaa jedhaa xumure.

### Waldaan Kubbaa . . .

Fuula 12 irraa naanna'e

Waldaa Kubbaa Miilaa Awrooppaa qoqqobbii Kilaboota kanneen irra kaa'u kun guyyaa boruu ni ifooma jedhamee eeggama!

Kubbaa Miilaa seeraaf danbii Waldaa Kubbaa Miilaa Addunyaatiin ala akka fedhetti kalaqa jechuun hin ulfaatuu?



# Karaan aangotti nama fidu tokkichi filannoo qofa

Paartilee morkatoottaatiif hanga har'aatti dirree morkii bal'isuuf hojiin guddaan hojjatameera. Maloota bibbicuu ceesisuu hin dandeenye (paartileen tokko tokko) yeroo hordofan agarreerra. Karaa adda addaatiin filannoo-seeraan alaa geggeessuuf humnnooni yaalan yeroo badan argineerra. Gorsi ani isinii qabu: karaan aangotti nama fidu tokkichi filannoo nagaa fi dimokiraasii qofa. Kanaa achitti karaan jiru kalattii adeemsa mootummaa jijjiira ta'a malee isiniin aangootti hin fidu. Kun akka karaa irraa hin maqneef deddeebisaa tasgabbiin itti yaada. Hanga danda'ametti miiraa keessan liqimsaatii bu'aasaa tasgabbiin yaadaa. Akka karaa irraa nu duraa hin maqne. Filannoon kun nu barbaachisa! Filannoo fi yaadan yoo nu mootan, waada isinii galle qabatamaan isinitti agarsiisna. Kanaa achitti aggaammiin taasifamu Itoophiyaa ni miidha, isiniinis hedduu miidha. Kana Itti yaaduun gaarii fakkaate natti mul'ata..."




Biiroo Dhimmoota Koominikeeshinii Mootummaa Bulchiinsa Dirree Dhawaa

GALAALCHA DIRREE

Torbanitti kan maxxanfamuu Ebla 18/2013 A.L.H kan jalqabame

Isniina Ebla 18 bara 2013

QOPHEESSAAN
Abdii Adam
(0915039254)

Laayaawutii fi Diizaayinii
sammaan Musxafa

**Bilbila** :- 025 111 60 61
**Fax** :- 025 111 49 72
**Email** :- info pubbure@yahoo.com
**Website** :- www.direcomm.gov.et
**Facebook** :- Dire Dawa Government Communication Affairs Bureau

# Qabeenya mootummaa tajaajilaan ala teesisuun nama gaafachiisa

Adeemsa bittaafi bulchiinsa qabeenya mootummaa federaalaa waajjiraalee 190 hordofuufi to'achuun hojiilee guguddoo Ejensiin Bittaafi Bulchiinsi Qabeenyaa raawwachaa jiruudha.

Kana malees seerota adeemsa bittaa baasuun hojiirra ooluufi dhiisuusaa hordofuun rakkoolee mul'atan labsii, qajeelfamaafi dambiidhaan akka furamu gochuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira.

Ittaanaa Daarikteeraa ejensichaa Obbo Ittisaa Damee gaafdeebii torban darbe Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, bittaa adeemsisuufi qabeenya mootummaa federaalaa bulchuufi qabeenya mootummaa tajaajila malee taa'an maqsuun ykn dhabamsiisuun hojiilee guguddoo ejensichi raawwachaa jiruudha.




Kana malees bittaafi qabeenya maqsuurratti dhaabbilee misoomaa muutummaas ni gargaara. Ejensichi waajjiraalee mootummaa naannoleefi bulchiinsa magaalaa Dirre Dhawaafis leenjiifi deggersa gara garaa taasisaafii jiraachuu dubbatu.

Bittaan adeemsifamu 'istiraateejikiifi fireem woorkii' jedhamuun bakkawwan lamatti kan qoodaman ta'uu himanii, bittaan istiraateejikii ajaja mootummaatiin kan bitaman kanneen akka qamadii, konkolaataafi maashinaroota adda addaati.

Bittaan fireem woorkii ammoo bittaa waliigaltee waggaa tokkoo hanga sadiitti bitamee waajjiraalee mootummaa federaalaafi yunivarsitootaaf raabsaman kanneen akka isteeshinerii, elektirooniksii, meeshaalee biiroo keessatti waliin ykn dhuunfaa ittifayyadamnuu ta'uu danda'u jedhu.

Meeshaalee waajjiraalee mootummaa federaalaa adda addaa keessa tajaajila malee taa'an, yeroo tajaajilasaanii xumuraniifi waajjirri sun itti fayyadamaa hinjirre maqsuun ykn dhabamsiisuunis hojiilee ejensichi raawwachaa jiruudha.

Meeshaaleen kunneen karaa addaddaa jechuunis kennaa, gurgurtaa, gubuu, awwaaluufi dabarsuudhaandhabamsiifamu.

Karaalee meeshaaleen ittiin dhabamsiifaman keessaa sirriitti hojiirra oolee kan jiru kennaafi gurgurtaadhaan dhabamsiisuudha.

Qabeenya itti hinfayyadamne waajjira biraaf dabarsuudhaan qabeenyicha akka ittti fayyadamuufi bulchu taasisuun kennaadhaan qabeenya dhabamsiisuu waliin walitti dhiyeenya qaba jedhu.

Waajjirri federaalaa tokko meeshaalee tajaajila malee taa'an ykn itti fayyadamaa hinjirre kan qeenxeedhaan qarshii kuma shaniifi isaa gad baasuufi walitti qabamee qarshii kuma 500fi isaa gad baasu ofiisaatii dhabamsiisuu danda'a kan jedhan Obbo Ittisaan, meeshaalee tilmaamnisaanii kan jedhameen ol ta'an ammoo ejesichatti galmeessisuun akka maqfaman gochuu danda'a.

Waajjiraaleen mootummaa konkolaataarraa jalqabee qabeenyawwan tajaajila malee taa'an maqsuurratti qooda guddaa kan qaban ta'uus eeraniiru.

Ejensichi bittaan waajjiraalee mootummaa federaalaa seera bittaa eeggatee bitamuufi tajaajila malee kan taa'u gurguramee mootummaaf galii ta'uu kan hordofuufi to'atu ta'uu himanii, adeemsi bittaas odiitaroota bittaa ejensichaafi odiitaroota alaatiin to'atama.

Bittaa meeshaalee adeemsisuun dura ejensichi caalbaasii sadarkaa biyyoolessaa eeggate baasa. Qulqullinni meeshaalee tokko tokko laaboraatoorii darbuun waan mirkanaa'aniif qaamolee sadarkaa qulqullinaa mirkaneessan gara garaa waliin hojjechaa jiraachuu himu.

Sadarkaa qulqullinaa waliigalteerra jiruun meeshaalee dhiyeessuu dhabuun rakkoo bittaa gama dhiyeessitootaatiin mul'atu ta'uu himanii, sadarkaa qulqullina meeshaalee dhiyaatanii ogeessotaan ilaalchisanii fudhachuu dhabuun ammoo rakkoo waajjiraalee mootummaa tokko tokko biratti mul'atuudha.

Sadarkaan qulqullina meeshaalee akkaataa waliigalteerra jiruun dhiyaachuu dhabuufi waajjiraaleenis sadarkaa qulqullina meeshaalee dhiyaataniifii ogeessotaan ilaalanii fudhachuu dhiisuun rakkoolee bittaan walqabatanii mul'ataniidha. Sababa kanaan meeshaaleen hedduun waggaa utuu hinguutiin tajaajilaan ala ta'aa jiraachuu eeru.

Sadarkaan qulqullina meeshaalee laaboraatooriifi ogeessotaan adda baafaman jiraachuu himanii, waajjiraaleen mootummaa rakkoo bittaa meeshaaleerratti isaan mudatu furuudhaaf sadarkaa qulqullina meeshaalee bitanii akkaataa waliigalteerra jiruun dhiyaachuufiisaa ogeessota qabatanii dhaquudhaan mirkaneeffatanii fudhachuu qabu.

Sadarkaan qulqullina meeshaalee akkaataa waliigalteerra jirutti hidhiyaatne taanaan meeshaalee dhiyaatan fudhachuu dhiisuun (deebisuun) kan danda'amu ta'uu himu.

Caalbaasiin tokko bahee qilleesarra ooluuf yoo xiqqaate guyyoota 35 fudhata.

Sadarkaa qulqullina meeshaalee bitamanii mirkaneessuun ammoo hanga ji'a sadii fudhata. Caalbaasiin ba'es guutummaattis kufuu danda'a.

Caalbaasiiin waggaa keessatti hanga yeroo sadii baafnutu jira. Kun ta'eeyyuu haala barbaannu sanaan milkaa'uufi milkaa'uu dhiisuu dandeenya.

Sadarkaan qulqullina meeshaalee caalbaasirratti eerame kan gabaarra jiru waliin walsimuu dhabuufi warri caalbaasiirratti hirmaatan hundi darbuu dhabuun rakkoolee gurguddoo bittaan meeshaalee akka duubatti harkifatan taasisaniidha jedhu.

Ogeessotni bittaa mindaa fooyya'aa argatanii hojii gadlakkisanii deemuun rakkoo ejensicha mudachaa jiru ta'uu himanii, dhiyeenyuma kanayyuu ogeessotni ejensichaa bittaa tekinikiitiin ogummaa leenjii gara garaa qaban shan mindaa fooyya'aa argatanii deemaniiru.

Hanqinni humna nama ejensichi hojii itti kenname ga'umsaan akka hinraawwanne taasisuudhaan bittaan meeshaalee akka duubatti harkifatu kan taasisu ta'uu himu.

Gatii meeshaalee kan qoratu Ejensii Istaatiksii Giddugaleessaati.

Ejensichi gatii meeshaalee hundaa nuuf erguu dhabuun, meeshaaleen barbaadaman gabaarraa dhabamuun, waajjiraaleen mootummaa karoora bittaa meeshaalee yeroon ejensii bittaaf dhiyeessuu dhiisuun, qaama meeshaalee dhiyeesseef qarshii yeroon kaffaluu dhiisuufi meeshaalee dhiyaataniif yeroon kaasuu dhiisuun rakkoolee biroo bittaa meeshaalee waliin walqabatanii mul'ataniidha.

Karoorri bittaa meeshaalee yeroon dhiyaachuu baannaan warri meeshaalee dhiyeessan karooraan ala waanuma isaanitti fakkaate akka hinfidneef waajjiraaleen mootummaa karoora bittaa meeshaalee waggaa dhufuu dafanii galchuu akka qaban yaadachiisu.

Bittaan walqabatee rakkoolee gurguddoon waajjiraalee mootummaa biratti mul'atan karoora bittaa yeroodhaan dhiyeessuu dhabuu, qulqullina meeshaalee bitamanii ogeessotaan ilaalanii fudhachuu dhiisuufi kaffaltii yeroodhaan raawwachuu dhiisuudha.

Dhuma bara bajataatti meeshaalee baay'ee hinbarbaachifne ykn mankuusa keessa utuu jiranii qarshii guddaadhaan dabalanii bituun rakkoo waajjiraalee mootummaa tokko tokko biratti mul'atuudha.

Kun qabeenya mootummaa seeraafi qusannaan ittifayyadamuurratti rakkoo waan uumuuf waajjiraaleen mootummaa gocha akkasiirraa of qusachuu akka qaban yaadachiisu.

Waajjirri mootummaa tokko bajata itti hinfayyadamne dhuma bara bajataatti deebisuun seeraan alummaa miti. Bajaticha waan itti hinfayyadamneef garuu ifa taasisuu qaba.

Bajaticha waajjirri biraan akka itti hinfayyadamne of biratti qabuufi itti fayyadamuu dhiisuun akkuma waajjiricha gaafachiisu karoora malee bittaa raawwachuunis isa gaafachiisa.

Bajata itti hinfayyadamne dhuma waggaatti sababa itti hinfayyadamneef waliin deebisuun rakkoo waan hinqabneef dhuma bara bajataa Waxabajjiitti bittaa hinkaroorfanne taasisuun sirrii miti jedhu.

Waajjiraaleen mootummaa hedduun amala meeshaalee hojii malee taa'an dhabamsiisuu ykn maqsuu hinqaban. Akka seeraatti garuu meeshaalee itti hinfayyadamneefi tajaajila malee taa'an kennaadhaan ykn gurgurutaadhaan dhabamsiisuu qabua.

Meeshaaleen tajaajilaa malee taa'an maqsuun ykn dhabamsiisuun qulqullina bakka hojiifi mooraa waajjiraalee eegsisuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu eeru.

Meeshaalee itti hinfayyadamne maqsuu dhiisuun ittigaafatamummaa ofii bahachuu dhabuu dhiisuurraa madda kan jedhan Obbo Ittisaan, ittifgaafatamtoonni haaraan ani meeshaa waggaa dheeraaf tajaajila malee ture yoon maqse nagaafachiisa jedhanii dhiisu.

Kan isaan gaafachiisu garuu meeshaan sun bona

Gara fuula 9 tti naanna'e

# Filannoo 6ffaa Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataaf Qaadhimamaa Dirree



Keessummaa Teenya Kurfii jedhu kana jalatti Barruu Dhimmoottan Seenaa gara garaa raawatan kan raawachaa jiran kanneen Sadarkaa Idil Adunyaa, Biyya teenya Itoophiyaa fi Bulchiinsa Dirree Dhawaatti argaman Seenaa Jiruu fi jireenya isaanii akkasumaas haala ittiin Seenaa hojjatan gosoota Barruu gara garaan kan itti isin dubiftoota keenya biraan geenyuudha.

Kurfii Dinqisiifannaa keenya kan Maxxansa Kallacha Dirree Mogaasa jedhuun jalqabne Maxxansa Lakkoofsa tokkoo Keessummaa Teenya kurfii jedhu kana jalatti

Filannoo Marsaa 6 ffaa biyyaa biyyaalessaa kan ji'a Caamsaa geggeefamuuf jedhu irratti Ummata Dirree Dhawaa Bakka bu'uun Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataaf Qaadhimamtoota dorgomoo ta'an keessaa tokko kan ta'uun kan Paartii

Badhaadhinaa dhiheefate irratti Ummatni Bulchiinsaa hubannoo ga'aa akka horatuuf Seenaa bu'aa bahii jireenya isaa akkasumaas hojiiwan Ijoo Raawachaa turee fi Fuuldurattiis hojiiwan Hojjachuuf qophaa'aa jiru turtii isaa waliin taasifne haala armaan gadii kanaan qopheesinee isin biraan geenyeeti jirraa dubbisa gaarii akka isiniif ta'u gamanumaan hawii qabnu ibsuu barbaannaa dubbisa gaarii.

**Galaalcha Dirree:-** Maqaa Guutuu kaassan nuuf himuun haa walbarruu?

Obbo Abduljawaad Mahamad Ahmadiin jedhama

**Galaalcha Dirree:-** Obbo Abduljawaad eessatti dhalatee Guddate?

**Obbo Abduljawaad :-** Magaalaa Dirree Dhawaa Ganda Araddaa 08 ( Laga Harree ) jedhamuttiin Haadhaa too Adde Jamiilaa Ibraahim Galmoo fi Abbaa Obbo Mahamad Ahmad irraa bara irraa bara 1976 dhaladhee achumatti Guddadhe.

**Galaalcha Dirree:-** Barnoota eessatti barachuu jalqabe? hamam barate?

**Obbo Abduljawaad :-** Umriin koo yeroo baruumsaaf ga'u Barnoota koo kan Sadarkaa jalqabaa Mana Baruumsa Bilaal fi Mana Baruumsa Ba'adalnuuritti Barachuun xumuree Barnoota koo kan Lammaffaa Mana Barnoota Sadarkaa Lammaffaa fi waliigala Dirree Dhawaa ykn Hayaskuulitti hordofuun qabxii seensa Yunivarsitii argachuun Barnoota Ol'aanaa Yunivarsitii Goondaritti Muummee Barnoota Dinagdee ( Ikoonomiksiin) bara 1998tti Yunivarsitii Goondar irraa Digrii jalqabaa Eebbifame. Barnoota Sadarkaa Digrii lammaffaa Yunivarsitii Biyya UK tan Greenwich Yunivarsitii jedhamtu damee Korospoondaantii Finfinnee qabdu irraa Muumee Barnoota Bizinas Administireeshiniin Yuunivarsitii Biyya UK Qabdu irraa MA ammaas. Digrii lammaffaa Muumee Barnoota Dinagdee Qonnaan Yuunivarsitii Haroomaayaa irraa MA Digrii lammaffaa fudhadheera.

**Galaalcha Dirree:-** erga Eebifamte hojii eessatti jalqabde? Ga'een hojii hoo?

**Obbo Abduljawaad:-** akkumaan barnoota eebifamee dhufeen Mana Barnoota Ba'adalNuuritti Geggeessaa Mana barnootichaa ta'uuniin hojii jalqabe itti aansuudhaan achumatti Barsiisumaan yeroo muraasa ergaan hojjadheen booda gara Intarpiraayizii Maayikiroo fi xixiqaa geggeesumaan, Biiroo Maanaajimantii fi Bulchiinsa Misooma Lafaa, Waajjira Kantiibaa, Biiroo Qonna Bishaan Albuudaa fi Inarjii, Biiroo Barnootaa, Waajjira Dhaabaa kan ODP dhaabileen sadarkaa gara garaatti waggoottan 15 darbe itti hojjachaa ture yoo ta'u yeroo ammaa Waajjira Hoji Geggeessaa Magaalaa Dirree Dhawaa (Mana qopheessaa) Ittigaafatamaa ta'een hojjachaa jira.

**Galaalcha Dirree:-** Obbo Abduljabaar waggoottan 15 darbe hojjiiwan hojjachaa tureen Bu'aawan ijoo milkeesse maalfaadha?

**Obbo Abduljawaad:-** hojjachaa turetti Bu'aawan ijoo milkeesse keesse keessaa kan yeroon Intarpiraayizii Maayikiroo fi xixiqaa turetti Bulchiinsi Dirree Dhawaa Hubannoo sirrii Intarpiraayizii Maayikiroo fi xixiqaaf akka qabaatu akkasumaas yeroo san Dargaggoota Carraan hojii Uumameef dargaggoota Jiraatota Dirree Dhawaa akka ta'aniif hojiin hojjadhe Bu'aan inni biraa gara Biiroo Maanaajimantii fi Misooma Lafaa dhaabni yeroo na ergu ergama ijoo naaf laate keessaa inni duraa rakkoo dhaabatichaa akkaan hiikee dhaabata ifdanda'e kan Qabiyee lafa seeraan ala qabamaniif laatu akkaan hundeessuu fi rakkoo Malaamaltummaa akkaan xiqeessuuf akuma ergama naaf laatee na ergetti ergamicha milkeessuu fi hojii Qulqulluu hawaasa bal'aa fayyadu anaa fi waahellan hojii kiyyaa hojjanneen manneen jiraatota bulchiinsaa kan kumaatamaan baay'eetti lakkaa'aman yeroo ammaa Qabiyyee Kaartaan kan kennamaafii jiru manneen bara 2003 dura turan diigamuu irraa baraaruu keessatti shooraan gumaache hojiin akka bu'aa gaarii raawadhetti ilaaladhu keessaahi.

Bu'aan inni biraa Biiroo Barnootaatti Hojii Riifoormii kan Manneen barnootaa hawaasa mana barnootaaf mijaawaa fi qulqulluu taasisuu irratti hojiin raawadhee fi Rakkoo Bulchiinsatti dandeettii Barsiisotaa Guddisuuf Kan tajaajilu Koolejjii Leenjii Barsiisotaa hundeeysuun rakkoon ture hiikuun danda'amee yeroo ammaa koolejichi of danda'ee dhaabatee leenjii laachaa jiraachuu isaan hojiin milkaa'inan xumureedha jedhanii

**Galaalcha Dirree:-** Kaayoon kee kan fuulduraa keessattuu Filannoo Marsaa 6 ffaa Biyyaalessaan walqabatee maali?

**Obbo Abduljawaad:-** Kaayoon kee kan fuulduraa keessattuu Filannoo Marsaa 6 ffaa kan walqabate Filannoo Biyyaalessaa 6 irratti Ummata Dirree Dhawaa Bakka Bu'ee filamuun Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataa seenuudha. filamuun qofti anaaf galmaa miti filamee yooniin Seena Rakkoo Guddina Dirreetti Gufuu ta'e kan caasifamaan , wal-qabatuu fi kan Galii Dirreen argachuun maltu argattee akka guddinni ishee safisiisuuf shoora ol'aanaan gumaachuuf karoora qaba keessattuu dhimmoota Ijoo Kan Guddina Dirree Dhawaa sakaalee dhoorke kan caaseefama ishee jechuuniis chaartariin Dirree Dhawaa akka fooyeefamu akkasumaas Dirree Dhaabilee gurguddoo kanneen Plc kan keessa jiran Gibira Federaalaaf galchan irraa akka fayyadamtu shooraan danda'u mara qaama dhimmi ilaaluu waliin qindaa'een hojjadha.

kaayyoon koo kan biroo Dirree Dhawaatti Daldalaa fi indastiriin akka guddatu taasisan kan akka jidugala gabaa babal'isuu Indastiriin akka babal'atu deegaruun hojiin Raawachuuf karoorfadhe keessaa ijoodha.

**Galaalcha Dirree:-** dhuma irratti dhaamsi dabarsuu barbaadu maali?

**Obbo Abduljawaad:-** Ummata Dirree Dhawaa Ummata bashaasha , Ummata qashtii , Ummata fannaana kana bakka bu'ee filannoo irratti Qaadhimamaa Paartii Badhaadhidha kan Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataaf ta'uu kootiin gammachuu ol'aanaatu natti dhaga'ama, Ummanni dirree nafilate Abdii jedhu ol'aanaan qaba nagaan turaa.



# Ramadaanaa fi fayyaa keenya



Akkuma beekamu akka dhaabbanni fayyaa addunyaa ibsutti fayyaan guutummaatti karaa qaamaa, karaa sammuu, karaa hawaasummaafi karaa hafuuraa fayyaa tahanii argamuu dabalata.

Fayyaan hafuuraa hariiroo namni guyyaa guyyaan uumaa isaa waliin uumudha, kanneen keessaa tokko bifa kadhannaa ykn salaata. Namoonni hedduun hariiroo karaa garaagaraan uumaasaanii waliin godhaniin tasgabbii sammuufi fayyaa sammuu argatu.

Akka qorannoon tokko ibsutti soomanni umurii namaa dabaluu keessattillee ga'ee guddaa akka qabu himama. Yeroo soomanaa kanatti namni tokko guyyaa guutuu garaa duwwaa waan ooluuf nyaanni tokko tokkofi gochaawwan tokko tokko kan fayyaa qaama namaa hubu ni mula'ata.

Kanaaf barruu keenya guyyaa har'aan kan irratti xiyyeeffannu yeroo soomanaa kana nyaata akkamii nyaachuun fayyaa keessaniif akka faayidaa qabu kan bal'inaan ilaallu taha.

Nyaannu nuti nyaannu nyaata qaama keenya ijaaruuf anniisaa nuuf kennu tahuu qaba.

Baatii ramadaanaa kana keessa namoonni fayyaa ta'aniifi umuriin isaanii ga'e akka sooman beekamaadha. Yeroo hedduu nyaatni guyyaatti allama qofa, yeroo iftar (galgala)fi suhoor (yoo bari'uu jedhu ) nyaatama.

Jireenyi hawaasaa ammoo kan duraanii caalaatti si'awaafi mi'aawaa, kan namoonni hedduun walgaafatan, maatii firoottan waldubbisan,wal-argan, namoota harka qalleeyyiifi haalli hawaasaa dinagdee kan biroo itti wal gaafatanidha, kan bara kana koroonaan nu dhorke akkuma jirutti ta'ee jechuudha.

Namoonni tokko tokko ammoo guyyaa guyyaa waan rafaniif, sochiin waan hir'isuudhaan kan duraanii irra furdachuu malu.

Mee gama fayyaatiin haalli nyaata keenyaa yeroo ramadaanaa walumaa galatti maal fakkaachuu qaba kan jedhu irratti dhaabbanni fayyaa addunyaafi dhaabbattoonni fayyaa kan biroo, ogeessota fayyaas dabalatee maaltu gorfama kan jedhu haa ilaallu.

### 1. BISHAAN

Walumaa galatti yeroo ramaadaanaa kana bishaan ga'aa sirriitti dhuguufi soorata bishaan hedduu of keessaa qaban soorachuun dirqama dha. Bishaan yoo xiqqaate haga fuullee (burcuqqoo kan jedhan san) kudhan dhuguun/argachuun dirqamadha.

Nyaata akka watermelon ykn habhab jedhamu kan bishaan hedduu of keessaa qabu soorachuun qabiyyee bishaanii ga'aa guyyaa guyyaatti argachuuf hedduu gargaara. Timaatimniifi salaaxaanillee akkasuma bishaan hedduu waan of keessaa qabaniif hedduu gargaaru.

Dhugaatii kaafeenii of keessaa qaban akka bunaa, shayiifi kokaakollaa irraa of qusachuun gaariidha. Kunis yeroo tokko tokko dhugaatiiwwan kun karaa fincaanii bishaan hedduu nama keessaa yaasuun hir'ina bishaan qaama keessaa (dehydration) dhaaf nama saaxilu waan ta'eefidha.

Ramaadanni biyyootaafi baroota addaa addaatti haala qilleensaafi dheerina guyyaaf halkaniin gargarii waan qabaatuuf, yeroo tokko tokko guyyaan halkanirra dheeratee sa'aatii 15:00 haga 16:00 soomuun dirqama ta'uu mala.

Yeroon ramadaanaa kun amma biyya keenya keessatti haala qilleensaa ho'aa keessa oola, dheerinni guyyaas halkan irra xiqqoo haa taatu malee ni caala. Kanaaf akka bishaan karaa dafqaafi kan biroo qaama keenya keessaa hindhumne, bakka gaaddisa bareedaa qabu keessa turuufi aduutti ba'uu dhiisuun hedduu nu gargaara.

### 2. Afxira ( Furaa )

Afxira ( Furaa ) irratti nyaata annisaa gaarii qabuufi fayya qabeessa ta'e soorachuu qabna.

Yeroo hedduu tamiirii (dates) ija sadii nyaachuun, akka fayyaattis hedduu gaarii kan ta'eefi iftar irrattis kan sooratamuudha.

Tamiiriin nyaata rafeejii (fibre) hedduu barbaachisu of keessaa qabudhas.

Kuduraaleefi muduraalee ga'aa nyaata keenyatti dabalachuun viitaaminootaafi nuutrentoota adda addaa argachuuf hedduu nu gargaara.

Nyaata midhaanii (whole grain) akka qamadii, garbuu, ruuzii, boqolloo, xaafiifi kkf irraa hojjataman kan anniisaa guddaafi faayiberii gaarii qaban iftar irratti filatamaadha.

Foon (coomaa hin qabne), lukkuu (gogaa ishee irraa hambisuun)fi qurxummii yoo argaman soorachuun qaamni keenya pirootina ga'aa akka argatu gargaara.

Nyaanni waarshaa keessatti oomishamanii golgamanii suuqota addaa addaa irraa gurguramanfi sooratni sukkaara hedduu of keessaa qaban hingorfaman.

Soorata yoo sooranu akka humnaa ol nutti hintaanetti, daddafnee nyaannee of rakkisuu irra, suuta jennee yeroo dheeraa nyaachuutu filatama.

### 3. Suhuur (Hiraaba)

Nyaata salphaa ittiin sooma eegallu nyaachuun hedduu gorfama, keessumaa namoota umuriin hedduu raagan, ijoollee soomuu filatan, dubartoota harma hoosisanii kan soomuu filataniifi kkf niif hedduu barbaachisaadha.

Nyaati suhuuriif nyaatamu kana keessatti, kuduraaleefi muduraalee, nyaata kaarboohaayidieetii qaban akka daabboofi nyaata pirootina of keessaa qaban akka bu'aalee loonii, hanqaaquufi avokaadoo dabaluun ni gorfama.

### 4. **haala nyaata walii galaa irratti**

Nyaata sukkaara hedduu of keessaa qaban erga iftar nyaannee booda nyaachuun hingorfamu.

Nyaata cooma hedduu ofkeessaa qaban sooraachuu irraa of qusachuu ykn hedduu xiqqeessuu qabna.

Nyaata ashaboo hedduu of keessaa qabu soorachuu irraa ofqusachuu akkasumas ammoo nyaata yoo hojjannu ashaboo hedduu itti dabaluu dhiisuu qabna.

Nyaanni yoo garmalee guddisanii nyaatanii fi daddafanii nyaatan laphee gubaafi miira namatti hin tolle hedduu waan namatti dhageessisuuf, suuta jennee haga nu ga'u qofa nyaachuudha.

Haga danda'ame bakka tokko taa'aa yeroo dheeraa turuu irraa ofqusachuufi waan akka deemsaa (walk) yeroo yerootti baay'isuun fayyaaf ni gorfama.

### 5. haalota addaa

5.1 Dhukkuba Sukkuuraa

Namoonni dhukkuba sukkaaraa keessumaa ammoo dhukkuba sukkaaraa isa gosa 1ffaa (kan yeroo baa'yee ijoollee fi dargaggoo hubu ykn type 1 Diabetes Mellitus jedhamu) qaban akka soomuu hinfilanne gorfama.

Namoonni dhukkuba sukkaaraa isa gosa lammaffaa (kan yeroo hedduu namoota ga'eessota waggaa 30 olii hubu ykn type 2 Diabetes Mellitus jedhamu) qaban ammoo yoo kan dhukkubni isaanii sirriitti to'atamee jiru ta'e soomuu ni danda'u.

5.2 Dhiibbaa Dhiigaa

Namoonni dhukkuba dhiibbaa dhiigaa qabanis yoo kan dhukkubni isaanii sirriitti to'atamee jiru ta'e soomuu ni danda'u.

# Dhukkuboota sombaafi iujummoo sombaa keenya miidhan

Dhukkuboonni baay'een sababa jarmootaafi haala qilleensa naannawa keenyaarraa kan ka'e somba keenyaafi ujummoo sombaa keenya miidhu. Mee dhibeewwan kanneen keessaa muraasasaanii haa ilaallu.

**Dhibee daranyoo sombaa ykn TB**

Dhibeen daranyoo sombaa dhibeewwan daddarboo keessaa tokkoofi baay'inaan karaa ujummoo qilleensaa namarraa namatti darbuudha.

Dhukkubni daranyoo sombaa kun dhukkuboota 'HIV/AIDS' ittaanuun biyya keenyaafi biyyoota guddachaa jiranitti bal'inaan kan argamuudha. Akka waldaan fayyaa addunyaa baasetti, bara baraan sababa dhukkuba kanaatiin namoonni du'an miiliyoona lama taha jedhama. Keessattuu namoonni dhibee vaayirasii 'HIV'n qabaman akkuma laayyootti dhukkuba kanaan hubamu. namoota kanniin keessaa namoota biyyoota guddachaa jirantu harka caalan gabaasama.

Daranyoon sombaa kan namatti dhufu baakteriyoota akka

- Maayikrobaktireem tuberkuloosis
- Maayikrobaktireem boovis
- Maayikrobaktireem kapare
- Maayikrobaktireem afrikaanum
- Maaykirobaktireem maaykoriti jedhamuun dhufuudha.

Dhibeen kun baay'inaan namarraa namatti kan daddarbu karaa sirna hargansuu yoo tahu darbee darbees karaa aannan horii darbuu danda'a.

Dhukkubni daranyoo sombaa kun korniyaawwan lamaanuu akkasumas umurii kamuu miidhuu danda'a. Keessumaa sababoota adda addaatiin namoota dandeettiin dhukkuba ofirraa ittisuusaanii laafe (fkn nama dhukkuba 'HIV' dhukkubsatu) akka salphaatti hubuu danda'a.

Akkamiin namatti darba?

Namni dhukkuba daranyoo sombaatiin sombisaa hubame yoo

- Qufa'e
- Haxxiffateefi
- Dubbatu baakteriyaa kana gara qilleensaatti facaasa. Namni isa bira jiru ammoo baakteriyaa kana hafuura qilleensaa wajjin gara sombasaatti olfudhata.

Dhibeen daranyoo sombaa nama dhibee daranyoo sombaatiin qabamerraa gara nama fayyaatti, mana tokko keessa waliin jiraachuun, yeroo dheeraaf waliin turanii walitti hiiqanii haasahuun akkasumas namni dhibee kanaan qabame waliin walitti dhiyaannee yoo nutti qufa'e ykn haxxiffate baakteeriyaawwan kunniin gara ujummoo qilleensaa keenya keessa seenuun somba keenya hubu.

Daranyoon sombaa kutaa qaama keenyaa hedduu hubuu danda'a.

Kutaawwan qaama keenyaa daranyoo sombaatiin hubaman keessaa somba, lafee, sammuu/haguuggii sammu, baattuu somba keenyaa/pleura, Tiruu, kalee, mar'immaan, haguuggii mar'ummaanii, rajiijii, xan'achafaadha.

Mallattoowwan dhibee kanaa maali?

- Qufaa jiidha qabu torban lamaafi isaa ol
- Halkan halkan nama hurkisiisuu
- Ho'ina qaamaa
- Fedhiin nyaataa hir'achuu
- Ulfaatinni qaamaa hir'achuu

Dhukkuba daranyoo sombaa kana ofirraa ittisuuf maal gochuu qabna?

- Talaallii yeroo daa'imummaa kennamu fudhachuu
- Nama mallaattoo dhibee kanaa qabu ykn dhibee kanaan qabame qofaatti adda baasuu ykn haguuggii funyaaniifi afaanii fayyadamuu
- Nama dhibee kanaan qabamerraa adda of baasuu ykn nama sana mana yaalaa geessuu
- Kutaa tokko keessa, nama dhibee kanaan dhukkubsatu waliin jiraattu yoo tahe fodda mana keessanii sirriitti banuun qilleensi qulqulluun akka seenu gochuu.

Dhukkuba Asmii- (Bronchial Asthma)

Asmiin keessi ujummoolee qilleensaa akka dallananii dhiita'aniif dhiphatan, akkasumas dhangala'aa akka furrii (mucus) guutaman gochuun ujummoolee qillensaa gara gadii (gara Sombaa) jiran dhiphisuun hafuurri/ qilleensi akka nama hanqatu ykn ukkaamsuu, nama qufaasisuufi akkasumas hafuura yoo fudhatan sagaleen dhaga'amu ykn akka xiichuu godha.

Asmiin namoota gariirratti mallattoolee sasalphoo mul'isa. Namoota muraasarratti immoo hedduu cinquu, itti hammachuufi itti deddebi'uun rakkisuu danda'a. Asmii guutummaatti yaalanii balleessuun rakkisaa ta'us, mallattooleen armaan oliitti eerre akka namatti hin hammaanneef to'achuun ykn yaaluun ni danda'ama.

Dhukkuba asmii kana maaltu fida?

Guutummaatti guutuutti jala sararanii sababa dhibee kanaa kana jechuun ulfaatuyyuu sababa uumaa (genetics)fi sababoota naannoo keenya tokko tokko irraa ta'uu mala.

Wantootni naannoo keenyarraa asmii namatti kaasan namaa namatti garaagara.

Haa ta'u malee yeroo hedduu wantoonni Asmii namatti kaasan:

- Awwaara /Dhukkee
- foolii ykn foolii balfa beeyladoota
- foolii baala mukken tokko tokko irraa harca'anii.
- Qilleensa Qabana'aa
- Qakkee/ Uttalloo
- Aara yeroo wantoonni tokko tokko gubatan aaru
- Sochii qaamaa (ispoortii hojjachuu)
- Qorichoota tokko tokko kan akka Aspiriini, 'Ibupirofeen'fi gartuu betablockers jedhamuun beekaman fudhachuun
- Cinqiifi yaaddoo miiraa ol'aana ta'e
- Dhukkuba aasidiin garaachaa gara kokkee akka ol deebi'uu godhu (GERD) fa'a namoota Asmii qaban irratti mallatoo isaa namatti kaasuufi hammeessuu danda'u

Mallatooleen Asmii maal fa'adha?

Akkuma armaan oliitti jenne mallatooleen mul'atan turtii,hammeenyanis ta'e haalaan namaa namatti garaagara. Nama tokko tokko yerooma sochi qaamaa (ispoortii) qilleensa qabbanaa'aaf gogaa keessatti hojjetu qofa irratti muldhachuu danda'u.

Akkuma waliigalaatti mallatooleen Asmii:

- Hafuura nama kutuu, hafuurri nama hanqachuu ykn nama ukkaamsuu
- Qoma irratti namatti ulfaachuu ykn dhukkubbiin namatti dhaga'amuu
- Yeroo hafuura gadi baafatan sagaleen dhaga'amu ( xiichaa, sheengarsiisuu,)
- Qilleensi nama hanqachuu, qufaafi xiichaa irraa kan ka'e hirriba dhabuu
- Qufaaf xiichaan Utaalloon/ Qakkeen yoo nama qabe namatti hammaachuu

Wantoota carraa Asmii horachuu keenya dabalan:

- Maatiin (abbaaf haati) ykn obboleessi keenya asmii qabaachuun
- Dhukkuboota Alarjii akka alrjii gogaafi funyaan nama ukkamsuu.
- Ulfaatina garmalee guddaa ta'e qabaachuu
- Tamboo, sigaaraafi kan biroo aarsuu

Namni Asmii qabu maal haa godhu?

- Wantootaafi haala dhukkubichaa itti hammeessan adda baafachuu.
- Mallattooleen armaan olitti jenne yoo itti hammaachaa dhufan hatattamaan gara mana yaalaa deemuun yaala barbaachisu argachuu.
- Qorichoota kennamaniifi fudhachaa turan haalaan sirriitti fudhachuu.
- Waa'ee dhukkubichaa irratti gaaffiif waan beekuun isaan barbaachisu ogeessa fayyaa isa wal'aanu gaafachuufi waliin mari'achuu.

Michii sombaa ('PNEUMONIA')

Michii sombaa jechuun maali

Michiin sombaa dhukkuba baay'inaan biyyoota guddachaa jiran irratti bal'inaan arrgamu keessaa isa tokkodha. Waggaa waggaan sababa michi sombaatiin namoota miliyoonau 1.5tu du'a.

dhukkubichi kun dhukkuba sombaa infeekshinii mayikiroorganizimoota adda addaatiin kan dhufu yoo ta'u, yeroodhaan yoo yaala argate dhukkuba fayyuu danda'udha.

Maaykiroorganizimoonni kunniiinis baakteeriyaafi vaayirasii kanniin keessaa hamma tokko kan dhukkuba kanaaf baay'ee nama saaxilan kan armaan gadiiti.

Kanneen baakteeriya kesssaa beekamoo tahan, 'streptococcus pneumonia, heoaophiles influenzaafi S.aureus' vaayirasii kessaa immoo, 'parainfluenza, influenza, adenovirus'faadha.

Dhibee kanaaf maaltu nu saaxila

- Talaallii yeroo daa'imummaa kennamu fudhachuu dhabuu
- Faalama qilleensaa
- Hanqina vitamin D qabaachuu
- Umurii waggaa 5 gadii fi 50
- Dhukkuboota biroo kan dandeettii dhukkuba ofirraa loluu
- qaama keenyaa dadhabsiisan
- Tamboo xuuxuu
- Dhugaatii alkoolii baay'isuu
- Nama dhiheenya waldhaansa baqaqsanii hodhuun yaalame(major surgery)
- Hanqina nyaataa, keessumaa ijoollee irratti
- Walitti baay'atanii jiraachuu

Mallattoon isaa maali?

- Qufaa kan haqqee booraa, yeroo tokko tokko ammoo kan dhiiga makate tufsiisuu ,qufaa gogaas ta'uu danda'a.
- Ho'insi qaamaa dabaluu
- Dhukkubbii laphee( fuulduraan ykn fi dugda duubaan)
- Ariitiin hargansuu dabaluu
- Dha'annaan onnee dabaluu
- Qorra qorra namatti dhaga'amuu
- Dafqisiisuu(fuursuu)
- Fedhiin nyaataa gadi bu'uu
- Dadhabbii guddaan namatti dhaga'amuu.

Akkamiin yaalamna?

Namni dhukkuba kanaaf shakkame tokko qorannoo dhiigaafi raajii (X-ray) laphee qoratamuudhaan dhukkuba kana qabaachuun isaa mirkanaawa.

Erga mirkanaawee booda sadarkaasaarratti hundaa'uudhaan qoricha afaaniin fudhatamuun akkasumas mana yaalaa ciibsuunis yaalamuu mala.

## Piriimiyerliigiin . . .

Fuula 12 irraa naanna'e

Paalaas wajjiin taphachuun torbeen kun goolaba arkata.
Maanchistar Siitii fi Tohootinaam Hoospar torbee kana Waancaa Kaaraabaa'oo waan qabaniif Piriimiyerliigii hin hirmaatan.

- Jimaata
04:00 Arsenaal. [ vs ] Eevartan
- Sanbataduraa
08:30 Niiwkastil. [ vs ] Liivarpuul
01:30 Weestihaam[ vs ] Cheelsii
04:00 Shiifiildi Yun [ vs ] Biraaytan
- Sanbataguddaa
08:00 Woolvis. [ vs ] Barnileey
10:00 Liidsi Yun. [ vs ] Maanchistar yu
03:00 Astonviilaa. [ vs ] Weestibiroom
- Wiixata
04:00 leestar Siitii [ vs ] Kiristaal Paalaas

Odeeffannoowwan Ispoortii argaa dhageettiif tolan dubbisuun hubannoo waan irraa argattaniif baay'ee galatoomaa. Carraa gaarii kilabii keessaniif.

# Sirna Gadaa Oromoo

Sirna Gadaa sirna ittiin bulmataa Oromoo ti. Gadaan jaarmayaa umurii fi dhalootan ijaarame yoo ta'u sirna bulchiinsaa diimokiraatawaadha. Gadaan sirna ittiin siyaasni, dinagdeenii fi hawaasummaan ummata Oromoo ittiin murteeffamu, kan miseensi sabichaa mirgaa fi dirqama isaa beekee ittiin walii galuu fi tokkummaan ittiin waliin jiraatudha. Sirni Gadaa diimookraatawaa ta'uu isaa beektoonni seenaa fi saayinsii hawaasaa hedduun mirkaneessanii jiru.

**Sadarkaa Gadaa**

Akkaataa waggaa dhalootaatiin gurmuu ykn murni ilmaan kormaa tartiibaan keessa dabran sadarkaa Gadaa jedhama. Sadarkaan Gadaa tokko waggaa saddeet qaba. Waggaa saddeet saddeettan kanaan namni Oromoo hamma gaafa dulloomee du'utti hawaasa keessatti bakkaafi qoodama dalagaa qabaata. Sadarkaaleen Gadaa ilmaan kormaa keessa dabran bakka gariitti amala addaa yoo qabaatanillee waliigalatti akka armaa gadiitti keenya.

- Dabballooma (waggaa 0-8)
- Gaammoma (waggaa 9- 16)
- Dargaggooma (waggaa 17- 24)
- Kuusoma (waggaa 25- 32)
- Raaboma (waggaa 33 - 40)
- Gadooma (waggaa 41- 48)
- Yubooma (waggaa 49- 56)

**Dabballee (Ganna 0-8)**

Dabballeen sadarkaan daa'immaaniiti, da'imman umurii 0-8 qaban Dabballee jedhamu. Riifeensi mataa mucaa sadarkaa Dabballee hin haadamu, guduruu guddifata. Akkasumas Dabballeen maqaa kan argatu yeroo sadarkaa kana huluuqe, amma sanatti maqaa manaatin waamama (fakk. Jaldeessoo, Qamalee kkf.). Warri isaanii horii aannanii kan hin qabaane yoo ta'an gosatu annan kennaf. Wa'ee safuu bu'uuraa baratu, fkn kan akka gadhee fi gaarii, firaa fi diina addaan baasuu baratu. Galgala galgala himtee (myth), tabahiibboo fi seenaa akaakayuu fi abbaabileetuu itti himama.

**Ittimakoo (Gaammee Didiqqaa) (Ganna 8-16)**

Mucaa sadarkaa Dabballeerraa rifeensi mataa haadamee, firri waamamee ayyaani guddaan godhamme, kennaan goromsa tokkoo (Gubbisa) erga godhameefii booda gara Sadarkaa Gadaa Ittimakootti (Gaammee Didiqqaa) ce'a. Kana jechaan Hammachiifamee maqaan baafama. Guyyaa hammachiisaa kanaa eegalee maqaa kanaan beekama. Ijooleen Sadarkaa Ittimakoo seenan bara afur booda gaammee haaddatanii, Roggee filatanii, jabii tiksuu, bishaan daakuu, farada gulufuu, sirba sirbuu fi geerarsa geeraruu baratu. Hidda saynii yoo xinaate amma mana kudhatokkoo beekuu qabu. Hojii tiiksaa, qonnaa fi adamoo, morkii ispoortii akkasumas warri durbaa hojjii jirbii fo'uu baratu. Wa'ee siyaasa (mirgaa fi dirqamaa, seeraa) fi hawaasummaa baratu.

Ayyaana ijoolee ykn guyyaa kabaja ijoolee (ayyaana taaboree), obbolaa fi hiriyaa ofii wajjin ayyaaneffatu. Guyyaa taaboree ijooleen bixxillee nyataa, farsoo dhugaa, sirbaa gammachuudhan dabarsu. Yeroo gaammee haadattanu goromsi tokko dhuunfaatti nikeenamaaf. Karaa uumatiin waggaa 16tti ijoolen areeda fi guntuta baasu, sagaleen isaanii ni jijjiirama. Haaluma kanaan qoodni fi itti-gaafatumman isaanis ni jijjirama jechaadha.

**Foollee (Gaammee Guguddaa) (Ganna 16-24)**

Gaammee Didiqqaan Ukkee ykn Unkee jala ba'uudhan gara sadarkaa Foolleetti ce'u. Godoon Ukee ida ijaaramee booda isa keessatti haati gurbichaa waan barbaachisaa ta'an hundaa (fkn Coqorsa kichuu miila isaa irratti hirreeffachuu, bixxillee sagal caccabsuudhan itittuu fi aannan itti dhibaasuudhaan) erga qopheessitee booda hiriyoonni isaa bakka argamanitti eebiftee sirni ayyaanaa sirbaan calqabama. Sirbuma kana keessa gurbichi godoo cabsee karaa boroo keessaan baha. Sana booda ijoolleen maaliif godoo keenya keessa bahe jedhanii dhaanuuf itti fiigu. Innis arreedee ykn dhaadachuudhan harkaa baha, ukee cabsee bahe jedhama. Ijoollummaa keessaa bahe jechuudha. Ciisa ijoolleetii baheetu mana jala buluu eegala. Ayyaani ukee kun yeroo gannaa rawwatama. Namni ukkee bahe birraa masqalarratti Giifatoo sirbee horii fudhata. Achumaan Foollee sirbuu itti fufa.

Dardaroonni sadarkaa Gadaa Foollee keessa jiran adamoo adamsuu (bineensi akka horii hin nyaane ittisuu) akkasumas barumsa waraanaa fi ispoortii kkf. baratu, biyya irra deemudhaan sirbaa, foolisaa sabaan wal baru.

Yeroo buttaan qalamu foolleetu kormaa kuffisee qaba. Cinaacha korma buttaa akkuma jirutti foolleetu fudhata. Foolleen foon buttaa akka leencaattii wal harkatti ciree nyaata. Yoo sirni buttaa jalate (seera irraa gore) foolleen korma hin kuffisu, foonis hin nyaadhu jechuuf mirga qaba (fkn namichi buttaa qaluu fedhe nama seera cabsee yoo ta'e). Foollee malee immoo buttaan hin qalamu. Foolleen seera malee nama hin sodaatu, waan jedhuu fedhe, saalfii tokko malee sirbaan ibsa. Foollisaa, yoo fedhe abbaa Gadaa ni faarsa (seera tolchuu irrati jabaa yoo ta'e) ykn ni abaara (seera yoo cabse). Dhiisi jedhama malee hin adabamu.

Sadarkaa Gadaa Foollee keessati dargagoon siritti biyyas walis baru (hiriyumaadhan wajjin deemu). Booranatti, jalqabaaf koree hayyuu hiriyaa jedhamu namoota jaha kan of keessaa qabu ofuma isaaniitii filatu. Akkuma sadarkaa Gadaa Ittimakkootii Foolee gidduutis walmorkiin jiru kanuma qaamaa (ispoorti fi dandeetti adamoo kkf.) qofaadha. Yeroo isaanii isa irra caalaa waan wajjin dabarsaniif sirriiti wal beeku. Dur Foolleen yeroo ajjeesu hin gaafatamu, du'us gumaa seeraan hin qabu jedhama.

**Qondaala (Kuusaa) (Ganna 24-32)**

Dursee galmi (masari) guddaan gosa gosatti erga ijaaramee booda hayyoota (koree) Gadaa sadarkaa kanaa hogganuutu filatama. Alaabaa mallattoo Kuusaa (diimaa adii) kan ta'e erga dhaabatanii booda sirba Xunnee (kan umurii isaanii) fi sirba ce'umsaa Mokkee jedhamu sirbu. Abbootiin ijoolee kanaa (sadarkaa Gadaa Yuuba 3ffaa keesa kan jiranu), bakka faajjiin isaanii itti dhabatte irraa jalqabuudhan sirba Mokkeetiin haadha manaa ofii (haadha ijoolee kuusaa) faarsaa gara bosonaa deemanii damee muka mi'eessaa kan baala qabu muratanii qabatanii deebi'u. Baala mi'eesaa karraatii suuqu. Haadhotiin ammoo bishaan aannaniin makaniii gabatee guutuu dhiyyeesu. Abbootiin ijoolee bishaan aannanii kanaan rifeensa mataa ijoolee ofii laaffisanii irraa erga haadanii booda morma irraati callee godhuuf.

Kanati aansee saan eelmamtu tokko jabbii ishii waliin badhaasa kan godhameef fudhatee hiriyyoota ofii wajjin torban lamaaf bakka tokkooti ulma galu. Haadhoonni isaanii achitti Galaa aannan fiduuf. Garuu ijoolleedhaan wal hin arganu. Galaa yeroo kennanu maqaa ilma ofii otoo hin ta'in maqaa gosaa ofiitti waamuu. Torban lama booda wayyaa aadaa ufatanii Liichoo bokkuu xiqqoon itti hidhamee qabatanii galama ulmaa keessaa bahu. Horii badhaasaan fudhatan sana horii warra ofiitti dabalatu. Kana booda ulmaa bahe jedhama. Ayyaani kun boorana keessati Ayyaana Godiyyaa jedhama. Jarreen kun Foollee sirbaa horii sanbi kennuuf qalachaa nyaachaa, bineensaa fi diina adamsaa bara saddeetif wal-faana turu.

**Raabaa (Raabaa Doorii) (Ganna 32-40)**

Ce'umsi sadarkaa Gadaa Kuusaa iraa gara sadarkaa Gadaa Raabaatti godhamu hangas sirna guddaa hin qabu. Hayyoonni warri sadarkaa Gadaa kuusaa keessatti filataman kan du'anii fi kan dadhaboo ta'an bakka buufatamu malee akkuma jiruti itti-fufuu. Warri sadarkaa Raabaa hoogganan kun Aduulaa Raabaa jedhamuudhan beekamu Ittigaaffatumaan isaanii ini duraa waraana hoogganuu yoo ta'u yeroo nagaa immoo aadaa, seeraa fi Seenaa adda addaa baratu. Torban tokkoof jaarsolii isaan gorsan (barsiisan) wajjin ardaa-jilaatti ulma galu. Yeroo kana nama biraa waliin dubbachuun dhoowadha. Yeroo ulmaa fixanii bahan hiriyyoon isaansii damee muka daannisaa badhaasudhaan sirbaa siimatu. Isaanis kanaaf galata galfachaa daanisa sana irra dhaabatanii waliin sirbaa sirnichi xumuurama.

Sadarkaa Raabaa keessati niitii fuudhuu fi qabeenya dhuunfaa godhachuu nama irra eegama. Miseensi Aduulaa Raabaa ta'e tokkoo fuudhuu akkasumas qabeenya dhabee yoo dhabe horii shan kan kottee afuriin adeemu qabaachuu isaan irra jira. Kana guutuu baanan umrii isaa guutuu Raabaa ta'eet hafa (Gadoomuu hin danda'u jechaadha). Namni akkanaa Qolee ykn Cufattee jedhama. Cufatteen nama waan waamuu fi waan yaasu hin qabaanee dha. Cufateen hin gadoomu malee waan yakka miti (namn ofii ta'uu dadhabe biyyaafis hin ta'u jedhameetti). Sadarkan Gadaa Raabaa waggoota sadeet idda xumuurre booda Raabaa Doorii jedhama. Warra hayyuu fi Abbootii Gadaa aangoo irra jiran irraa sirriiti muuxannoo argachuu akka danda'anu walumatti waggoota 13 sadarkaa Raabaa fi Raabaa Doori keessa turu. Sana booda ni Gadoomu.

Waggaa 40tti namni tokkoo waan hundaanuu ni bilchaata (muuxxannoo fi beekumsa gahaa ni argata), kanaafuu biyya bulchuu fi ittigaafatumaa fudhachuu ni danda'a jedheeti Oromoon amana.

**Gadoomaa (Luba) (Ganna 40-48)**

Sadarkaa hoogganaa siyaasaa fi amantii itt ta'amu. Sadarkaan kun sirna bulchiinsa Gadaa keessatti sadarkaa murteesssaadha. Warri aangoo qabachuuf carraa qaban warra sadarkaa kuusaa, Raabaa fi Raabaa Doorii keessatti dandeetii adda addaa agarsiisudhaan morkii hedduu keessa injiffannoon darban ta'u.

**Yuuba 1ffaa amma 4ffaa**

Jarreen kun warra umurii 48 amma 80 keessa jiranidha. Yuubni warra aangoo gadi-dhiisee sadarkaa adda addaa keessa jiru. Ittigaafatumaan isaanis, keessatuu yuubni 1ffaan akka gorsituu, seera hiiktuu fi seera murtuu ta'uun hojjata. Yuubni 4ffaan (Booranatti) immoo sadarkaa Raabaa Doorii (ijoolee ofii) wajjin seera tumuu irratti qooda qabu. Akkasumas ijooleen isaanii dorgommii (morkii) irratti injifatanii akka filatman ni gargaaru. Kana malees yuubni gosaa keessatti wa'ee araaraa fi misoomaa ilaalchisee tajaajila guddaa biyyaaf kenna. Seerri, aadaani fi safuun akka hin badne kan to'aatu yuuba sadarkaa adda addaa keessa jiranu. Tuulama keessati Yuubni warra Ayyaantuu (Qaalluu) wajjin iccitiidhan miseensota Gadaa filanii sabatti dhiyeesu. Tuulamni jaarsolee kana Guula jedheetti waama.

**Gadamoojjii (Ganna 80-88)**

Namni sadarkaa Gadamoojjii seenu umuriin isaa waggaa saddeetama tahee, nama sadarkaa gadaa darban kurnanuu seeran huluuqe tahuu qaba. Ijoolen Gadamoojjii aangoo qabatanii biyyaa bulchaa kan jiranidha. Umurii isaanii

Gara fuula 9 tti naanna'e




## Qaamolee Qajeelfama . . .

Fuula 1 irraa naanna'e

tajaajilamtootasaaniif karaalee qajeelfamoota eeggannowwan bahan fayyadamuun meeshaalee ittis vaayirasichaa dhiyeessuun, walirraa akka fagaatan taasisuufi fuuloo afaaniifi funyaani godhachuusaanii mirkaneessuun tajaajila kennuu qaba.

**4.** Dhaabbileen mootummaas ta'e dhuunfaa kamiyyuu hojjettootasaanii hubachiisuu,balbala galumsaafi bahumsaarratti akkasumas bakkawwan barbaachisaa adda addaatti wantoota barbaachisoo ittisa vaayirasichaaf gargaaran qopheessuu, meeshaalee ittisa vaayirasichaaf gargaaran dhiyeessuu, fuuloo afaaniifi funyaanii godhachuusaanii hordofuufi kkf mirkaneessuun dirqamasaati.

**5.** Namni tajaajila geejibaa kamiyyuu kennu humna namoota murtaa'een ala fe'uu, namoota fuuloo afaaniifi funyaanii hin godhanneef tajaajila kennuun dhorkaadha. Fooddaa banuun qilleensa gahaa galchuu, qajeelfamoota biro bahan hojiirra oolchuun dirqama ta'a.

**6.** Hojii konistiraakshiniirratti wantoota ittisa vaayirasichaaf gargaaran kanneen akka bishaanii, saamunaa, fuuloo afaaniifi funyaanii, saanitayizarii ykn alkoolii, safartuu ho'inaa akkasumas galteewwan farra ilbisootaa dhiyeessuufi guutuu, hojjettoonni fageenyasaanii eeggatanii akka hojjetan taasisuu akkasumas qajeelfamoota biro hordofuun dirqama.

**7.** Hoteelli, dhaabbileen dame turizimiifi dawwachiisummarratti hirmaatan kamiyyuu hojjettootaafi tajaajilamtoonnisaanii meetira lamaan akka walirraa siiqan taasiuu, fuuloo afaaniifi funyaanii akka godhatan to'achuu, maloota ittisa vaayirasichaa qopheessuufi fayyadamuufi qajeelfamoota biraa hordofuu qabu.

8. Dhaabbileen dhuunfaafi mootummaa damee omishaafi industiriirratti hirmaatan kamiyyuu hojjettootasaaf odeeffannoowwan waa'ee vaayirasichaa kennuu, balbala galumsaafi bahumsaarratti akkasumas bakkawwan barbaachisaa adda addaatti wantoota barbaachisoo guutachuu.

## Ramadaanaa . . .

Fuula 6 irraa naanna'e

5.3 Haadholii ulfaafi harma hoosisan

Karaa amantii soomaaf kaadhimamoo akka hintaane akkuma jirutti ta'ee, yoo tarii akka tasaa soomuuf murteessan, dirqama hakiima isaan yaalu waliin dursanii mari'achuu qabu.

**6. FAKKEENYA (EXAMPLE) NYAATAA IFTAR fi SUHUUR**

6.1 Fakkeenya (examples) nyaata iftariif qophaa'u:

Shoorbaa kuduraalee kan manaatti hojjatame (kan daakuu suuqii irraa bitamuun hojjatamu osoo hintaane jechuudha).

Salaaxaa magariisa.

Fuduraalee walitti makaman (squash/eggplant/grape leaves).

Foon lukkuu

Bishaan hedduu kanneen waliin dhuguu (loomii muranii itti dabaluun akka dhamdhamni bishaanichaa hedduu dhuguuf nama kakaasu taasisuun ni danda'ama.

6.2 Fakkeenya (examples) nyaata suhuuriif qophaa'uu:

Daabboo muraa lama.

Hanqaaquu sirriittii bilchaate (bilchaate).

Chiisii (bu'aa loonii).

Gosoota shayii addaa addaa kan kaafeenii ofkeessaa hin qabne.

Bishaan hedduu kanneen waliin dhuguu (loomii muranii itti dabaluun akka dhamdhamni isaa hedduu dhuguuf nama kakaasu taasisuun ni danda'ama.

Doktar Naafyaad Geetuu

## Sirna Gadaa . . .

Fuula 8 irraa naanna'e

keessatti yeroo sadiif Gadaa ofii aangoo irrattii arguu warra danda'an jechuudha, kana jechaan:

1. Bara dhalatan, sadarka Daballee (umurii 0-8) keessa yeroo turan ykn bara abbootiin isaanii biyya bulchaa turan

2. Waggoota afurtama booda, ofii isaanitii yeroo Abbootii Gadaa ta'an (aangoo qabatani)

3. Waggoota saddeettama booda yeroo ijooleen isaanii aangoo fudhatanii biyya bulchaa turan, paartiin keessa jiranu, fkn Meelbaan wayita sadaffaaf naanna'ee yeroo dhufu jechaadha**.**

Ce'umsa irratti sirni godhamu ni jira, sirni kun sirna Qumbii wal irraa fudhachuu jedhama, sirna ce'uumsaa ti. Sirna kana irratti xinnaa guddaa otoo hin jedhamin sabni hundaa argamuu ni danda'a. Seenan gootota kanaa ni himama, warri biyyaa waan jabaa hojjatan akka gootaati ni faarfamuu, ni kabajamuu, isaanis ni dhaadatu. Sana booda amma lubuun jiranutti ittigaafatumaa hin qabani, sabn jara kana amma lubbuun jiranitti ni kunuunsa, ni qananiinsa.

**Gogeessa Gadaa**

Gadaan gogeessa (garee) shan kan qabu yoo ta'u isaanis shanan Gadaa Oromoo jedhamu. Gareewwan kun ganna sadeet sadeetiin aangoo wal harkaa fuudhu. Shanan Gadaa Oromoo kun bakka adda addaatti maqaa adda addaatiin beekkamuu

## Qabeenya . . .

Fuula 4 irraa naanna'e

aduudhaan ganna ammoo bokkaadhaan badaa jiraachuudha.

Kanaafuu waajjiraaleen meeshaa itti hinfayyadamne gurguruudhaan ykn waajjiraalee biroodhaaf kennuudhaan maqsuu ykn dhabamsiisuu akka qaban gorsu.

Itoophiyaatti keemikaalota dhabamsiisuun walqabatee seerri bahe hinjiru Keemikaalotni yoo gubaman qilleensa, yoo awwaalaman biyyeefi bishaan lafa jalaa waan faalaniifi waggoota dheeraaf lafa keessa waan turaniif of eeggannoo cimaadhaan dhabamsiifamuu qabu.

Kanaan dura yeroon tajaajila keemikaalotaa irra yoo darbu biyyuma dhufetti deebi'e dhabamsiifamaa ture. Yeroo ammaa biyyootni keemikaalota gara garaa nutti gurguran keemikaalota yeroon tajaajilasaanii irra darbe nurraa fuudhanii dhabamsiisuu didaniiru jedhu.

Yeroo ammaa keemikaalonni baay'een yunivarsitoota dabalatee waajjiraalee mootummaa gara garaa keessa jiraachuu himanii, hospitaalota gara garaa keessas qorichoonni yeroon tajaajilasaanii irra darban hedduun tuulamanii jiru.

Keemikaalotaafi qorichoota yeroon tajaajilasaanii irra darbe utuu miidhaa hinqaqqabsiisin dhabamsiisuuf qorannoo guddaa barbaadaa waan barbaaduuf akka biyyattis seera waan barbaaduuf ogeessonniifi beektonni yunivarsitiiwwan gara garaarra walitti dhufanii seera ta'ee akka biyyaatti kan tajaajilu qopheessaa jiru. Labsiin keemikaalota dhabamsiisuuf qophaa'aa jiru yeroo ammaa mana maree ministeerotaa qaqqabee jira jedhu.

Keemikaalonni tokko tokko yoo dhabamsiifaman naannawaa, qilleensa, bishaaniifi biyyee waan faalaniif akkasumas umurii dheeraa lafa keessa waan turaniif bishaan lafa jalaallee faaluu danda'u waan ta'eef keemikaalota akkasii biyya keessatti dhabamsiisuun of eeggannoo cimaa barbaada.

Teknolojiin biyya keessatti utuu miidhaa hinqaqqabsiisin keemikaalota ittiin dhabamsiisan dhufnaan keemikaalotaafi qorichoota yeroon tajaajilasaanii irra darbe biyya keessatti dhabamsiisuun kan danda'amu ta'uu himu.

Ejensichi tajaajila si'ataafi qulqullina qabu kennuudhaaf hojii maanuwaaliirraa gara dijitaaliitti ce'uuf hojjechaa jiraachuu himanii, bittaan meeshaalees maanuwaaliidhaan utuu hintaane dijitaaliidhaan akka adeemsifamuuf sooftiweeriin tokko qophaa'aa jiru yeroo dhiyootti hojiirra kan oolu ta'a.

Ejensichi kaayyoo hundaa'eef dhugoomsuuf qaamolee waajjiricha waliin hojjetan waliin hojjechaa jiraachuus eeraniiru.

# Filannoowwan Itoophiyaa shanan darban

Itoophiyaan seenaa isheetti filannoo erga jalqabdee waggoota sodoma hin dabarre kufaatii Sirna Dargiin booda malee achi dura Itoophiyaan filannoon wal hin barre hanga arratti geggeesite maalfakkaatan

***Filannoo Marsaa 1ffaa***

**Filannoo A.L.I bara 1987**

• Ummanni filannoof galmaa'e miiliyoona 21, kuma 337 fi 379

•Kanneen galmaa'an keessa ummanni filate miiliyoona 20, kuma 68 fi 513

•Kan paartii bakka bu'aniifi dhuunfaan dorgoman dabalatee miseensonni paarlaamaa 546 turan. Kana keessaa dubartoonni 10 qofa. Filmaata hunda keessaa 10 kan dhuunfaan dorgoman turani.

•Mana maree naannolee yoo ilaallu dhiironni 1,355 fi dubartoonni 77 manneen maree naannolee saglan jiran keessatti teessuma argataniiru.

•Kanneen keessaa kanneen dhuunfaan dorgoman 47 turani

•Filannoo kana irratti paartileen 43 irratti hirmaataniiru

***Filannoo Marsaa 2ffaa***

**Filannoo A.L.I bara 1992**

•Filannoof kan galmaa'an ummata miiliyoona 21, kuma 655 fi 752

•Kanneen galmaa'an keessaa miiliyoona 19, kuma 602 fi 783 filaniiru

•Teessuma paarlaamaa kan injifate ADWUI dha. Teessumni paartileen afran argatanis; DHDUO 176, BEADEN 124, TPLF 38, akkasumas DEHIDEN (kan Kibbaa)teessuma lama argate.

•Teessuma 13 hafan paartileen garaa garaa fudhataniiru

•Mana maree naannolee yoo ilaallu ADWUI teessuma 1,102 naannoleefi magaalaaleetti yoo injifatu, kanneen dhuunfaan dorgoman 27's naannolee garaagaraatti teessuma argataniiru

***Filannoo Marsaa 3ffaa***

**Filannoo A.L.I bara 1997**

Siyaasa Itoophiyaa keessa filannoon bara 1997 taateen guddaa kan irratti raawwate ture.

Dirreen siyaasaa yeroo kaanirraa banamuu, falmiin cimaa taasifamuu, walta'uumsi paartileen mormituu uumaniifi duulli gaggeeffame ummanni akka eegu taasisee ture.

•Ummanni filachuuf galmaa'e miiliyoona 27, kuma 372 fi 888




•Kanneen galmaa'an keessaa ummanni filate miiliyoona 22, kuma 610 fi 690

•ADWUI'n teessuma paarlaamaa 327 irra aane

•Qinijjiit Tokummaafi Dimookiraasiif teessuma 109

•Gamtaan Humnoota Dimookiraasii Itoophiyaa (Hibrat) teessuma 52

•Warraaqsa Federaalistii Dimookiraataa Oromoo (Ofeden) teessuma 11 irra aanan

•Dhaabbileen deeggartoota (Aggaar) ADWUI fi paartileen kaan teessuma hafan irra aanan

•Mana Maree Naannolee ilaalchisuun immoo ADWUI/DHDUO 387, Hibrat 105, Ofedeniifi Qinijjit teessuma 43 argatan

•Naannoo Amaaraatti Sochii Warraaqsa Dimookiraatawaa Ummata Amaaraa (BEADEN) teessuma 187, Qinijjit teessuma 107 argatan

•Tigraayitti TPLF/ADWUI teessuma 151 argate

•Affaaritti ABDEPA teessuma 84, B/Gumuuz, Gaambeellaa, Somaaleefi Harariitti deeggartoonni ADWUI teessuma gara caalu yoo fudhatan Gaambellaa, B/Gumuuz fi Harariitti Qinijjit teessuma jaha argateera.

***Filannoo Marsaa 4ffaa***

**Filannoo A.L.I bara 2002**

Filannoon seen-qabeessa jedhamu darbee bara 2002'tti filannoon biyyaalessaa marsaa arfaffaa kan taasifame Caamsaa 15/2002 ture. Filannichi naannolee hundaafi bulchiinsota magaalaa lama keessatti adeemsifameera.

• Paartileen siyaasaa 63 hirmaataniiru.

• Paartileen kunneen kaadhimamtoota 2,188 bakka bu'oota uummataaf dhiyeessaniiru.

• Mana maree naannoof immoo 4,746 dhiyeessaniiru.

• Kaadhimamtoonni 34 dhuunfaadhaan mana mareef dorgomuuf dhiyaataniiru.

• Kaadhimamtoonni dhuunfaa 11 immoo kan naannoof dhiyaatanii turan.

• Baay'inni uummataa filachuuf galmaa'e 31,926,520 ture

• Kan galmaa'e keessaa 29,832,190 ykn 93.4% filannoo irratti kan hirmaate yoo tahu lakkoofsi filattota dubartootaa 47.6% ture.

Filannoo naannolee filannoo 547 mana maree bakka bu'oota ummataaf taasifametti dhaabi ADWUI dhaabbilee naannolee arfan bulchaniifi dhaabbilee deeggarsaan teessuma 99.6% irra aane.

• Inni hafe paartii tokkoofi dorgomaa dhuunfaa tokkoon qabame

•Mana maree nannnolee yoo ilaallu ADWUI fi dhaabbileen deeggarsaa teessuma hunda fudhataniiru.

•Paarlaamaa keessa hammi miseensota dubartootaa 12.4% ture

•Mana maree naannoottimmoo dubartoonni teessuma argatan 15.3% dha

***Filannoo Marsaa 5ffaa***

**Filannoo A.L.I bara 2007**

Filannoon isa amma filatamuuf qophiirra jiramu dura filannoo taasifamedha.

• Ummanni filachuuf galmaa'e miiliyoona 36 fi kuma 851 fi 461 ture.

• Nama galmaa'e keessaa miiliyoona 34,351,444 kan filate yoo tahu kunis 93.2 % jechuu dha.

• Filannicharratti paartileen siyaasaa dorgoman 58 turan.

• Kaadhimtootni kuma 1,828 mana maree bakka bu'oota uummataaf dhiyaataniiru.

• Kaadhimamtoonni 3,991 tahan mana maree naannoof dhiyaataniiru.

• Kanneen armaan olii kan paartii bakka bu'an yoo tahu dhuunfaadhaan mana maree bakka bu'oota uummataaf sagal, mana maree naannoof immoo sadii dhiyaatanii turan

• Bu'aa filannoo kanaa yoo ilaallu ADWUI'n teessoo 500 jechuunis harka 82.4 argateera. Kanneen keessaa teessoon 212 ykn 38.8% dubartootaan kan qabame dha.

• Mana maree naannolee yoo ilaallu paartilleen deeggartootaa (Aggaar jedhaman) hundi teessoo hunda argatanii turan.

• Kanneen keessaa 800 yookiin 40.3 % kan tahan dubartoota turan.

**Filannoo Itoophiyaa 2021: Abdiifi gufuun jiru maalfaadha?**

Itoophiyaan A.L.I Caamsaa 28 fi Waxabajji 5 bara 2013 filannoo biyyaalessaa gaggeessuuf guyyaa qabattee jirti. yeroo amma Boordiin Filannoo sagantaa qabateen yeroon paartileen siyaasaa kaadhimamaa itti galmeessuu xumuranii Filatoonniniis Itti galmaa'aa turanii yeroon Galmee Filatoota Xumuramee Boordiin filannoo Torbaan lama akka biyyaatti akkasumaas Naannoo Affaarii fi Naannoo Soomaaleetti ammo torbaan sadi dheeressuu isaan Galmee Filatoota yeroo geggeefamaa jiru irra jirra kan hanga ammaa Filatoonni yeroo galma'aa jiran irra jirra Hanga guyyaa Ebla 15 -2013tti walii gala filattoonni miiliyoonni 18 fi kumni dhibbi 4 fi kumni 27 fi 239 kaardii filannoo fudhachuu boordichi ibsa baaseen eereera.



# Seera Yakka Imaanaa/amantaa/ Hir'isuu (Yaada ka'umsaa Misgana D.Doyo)

Kaayyoon barruu kanaa yakki imaanaa/amantaa/ hir'isuu raawwatameera jechuuf waantota guutamauu qaban irratti iftoomina uumuu dha. Kana malee dubbistootni ogummaa seeraatiin ala jiranis akka quba qabaatan gochuufi. Imaanaa hir'isuun akka duudhaa Oromoottis ta'ee hamilee namaaf faallaa dha. Seera adaba yakkaa MFDR itoophiyaa kan bara 1994 bahe kew 675 jelatti yakka ta'ee tumamee jira. Seerichi amantaa hir'isuu osoo hin taane imaanaa hir'isuu jedhee tumeera. Yeroo bayyee yakka imaanaa hir'isuu kanaan wal qabatee hawaasa keessatti namoonni yeroo wal ganan himachuuf gara waajjira poolisii yeroo dhufan ni argina. Kana malees yakki imaanaa hir'isuu kun walii galtee waliin hidhata waan qabuuf ogeessonni seeraa dogongoranii yeroo himatan darbees namni adabamu ni mul'ata. Kanaaf tumaa seericha yaada ka'umsaa isaa fi gabaabumati murtii dhaddachi ijibbaataa manni murtii federaalaa hiikoo seeraa itti kenne waliin wal bira qabnee haa ilaallu.

Seerri Adaba yakkaa kew.675 akkas jedha.

1/Namni kamiyyuu badhaadhina hin malle argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaaduun waanta gatii qabu yookiin maallaqa calla kan nama biro ta'ee fi tajaajila murtaa'e tokkoof ykn imaanaan isatti kenname guutummaan ykn gartokkeen ofii isaaf kan taasise ykn nama biroof kan taasise kan fudhate, kan fudhachiise, kan dhokse ykn tajaajila ofii isaatiif ykn nama biroof kan oolche ykn gochaawwan kana fakkaatan kamiin iyyuu kan raawwate,

Akka haala dubbichaatti hidhaa salphaan ykn hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2/Himatamticha maallaqa ykn mi'a ykn waanta gatii qabu kan imaanaan itti kenname akka gurguru,ykn akka bitu ykn akka jijjiiru ykn tajaajila murtaa'eef akka oolchu bu'uura jedhameen raawwatee bakka sanaa maalaqni, miini, ykn waanti gatii qabu inni argate kan nama biro akka ta'etti ni lakkaa'ama.

3/Himatamtichi yemmuu gaafatamu mi'a ykn maallaqa callaa imaanaan ykn hadaraan itti kenname deebisuuf ykn kaffaluuf ykn haala mi'ichi itti jiru agarsiisuuf ykn tajaajila maluuf kan oolche ta'uu isaa hubachiisuu kan hin dandeenye yoo ta'e qabeenyicha faayidaa hin malle ofiif ykn nama biroof oolchuuf yaada akka qabutti ni lakkaa'ama.

Kuni tumaa seerichaa ti. Ibsa walii gala tumaa seera kanaa ilaaluun yakka hundeessuuf maaltu guutamuu qaba kan jedhu adda baasuun barbaachisadha. Calqaba irratti yakki jira jechuuf tumaan seeraa /Legal element/, kutaan gochaa/material element/ fi kutaan yaadaa/moral element/ jiraachuu akka




qabu beekmaadha. Kanaaf xiinxala keenya keessatti kanneen yaada keessatti qabaachuun gaariidha. Kutaa Gochaa haa ilaallu. Namni tokko yakka imaanaa hir'isuu raawwateera jechuuf waan gatii qabu ykn qarshii tajaajila beekamaaf oolchuuf nama biraa irraa fuuchuu qaba. Waanti namoota gidduutti deemu kun waan gati qabeessa faayidaa ilma namaaf oolu ta'uu qaba. Akkaataan ittiin nama biro irraa fuudhes bifa adaraan/imaanaan/ ta'uu qaba. Kanaan ala waanti waliigaltee agarsiisu ykn tajaajila kaffaltiin taasifamu waanti agarsisu jiraachuu hin qabu.

Fakkeenyaaf - DHIMMWF lak.galmee 98647 jildii 16 irratti hiikoo kenneen … namni tokko meeshaa fe'ee geessee nama birootti kennuuf walii galee osoo jiruu meeshaa geessee akka nama birrootti kennuuf itti kenname sana karaa irratti bakka geessuuf jedhame sanaan osoo hin gahin yoo gurgurate yakka imaanaa hir'iisuun hin gaafatamu. Namni mi'a kana gurgurate immoo gatii geejjibsiisaa waan naaf hin kennamneefan gurguradhe falmii jedhu yoo dhiyeesse immoo yakka mirga ofii karaa seeraan alaa kabachiifachuu ka'umsi isaa walii galtee ta'e kewwata seera adaba yakkaa 436/b tiin gaafatama malee imaanaa hir'isuu akka hin jedhamne murteessee jira. Hiikoon seeraa kun dirqisisaadha.

Gama biraatiin namni waanti gatii qabu kun adaraan itti kenname akkaataa seera hariiroo hawaasaa kew.2779 kan ilaalamu yoo ta'u waan adaraadhaan fuudhe sana deebisuuf eeyyamamaa ta'uu yoo dide qofa yakkaan kan gaafatamu ta'uu S/A/Y/675 kew 3/1 fi murtii DHIMMWF lak.galmee 89276 jildii 15 irraa hubachuun ni danda'ama.

Akkuma armaan olitti ibsame kutaan yaada nama shakkamee kun faayidaa hin malle ofiif argachuuf ykn nama biroof argamsiisuuf kan akeeke ta'uu mala. Yeroo kana ifatti agarsiisuun hin danda'amnetti tilmaama fudhachuun kan murteessinu yoo ta'u tilmaamichis muraa sadii jela jira. Namni waan gatii qabu kana fuudhe haala isaa ibsuu qaba. Ibsuu kan hin dandeenye, deebisuuf fedha kan hin qabu, fudhachuu isaa kan hale yoo ta'e yakkicha hundeessera jechuudha. Kanaan ala waan fudhatee sana kan ibse ykn deebisuuf yoo fedha qabaate kutaa yaadaa faayidaa hin malle argachuuf ykn nama biroof argamsiisuuf kan jedhu sana waan hin guunneef yakkaan hin gaafatamu jechuudha.

Kanaan wal qabatee ….. namni bakka bu'aa nama tokkoo ture sababa bakka bu'ummaa isaatiin waantota nama isa bakka buuse irraa waan fudhate yoo deebisuu dide, ka'umsi isaa walii galtee ta'ullee yakka imaanaa hir'isuun gaafatamuu kan danda'u ta'uu kew 675/2 tuquudhaan DHIMMWF jildii 13 lak.galmee 67408 irratti hiikoo seeraa kenneera.

Dabalataan Dhaddachi ijibbaataa …. namni tokko mi'a biteen siif fida jedhe nama biro irraa qarshii erga fudhee booda qarshichas kan hin deebisne ykn mi'a sanas bitee kan hin fidne ykn immoo kana lachuu raawwachuuf fedhii kan hin qabne ta'uun isaa yoo mirkanaaye yakka imaanaa hir'isuun kan gaafachisu ta'uu jildii 12 lak.galmee 64813 irratti hiikoo kennee jira.

Walbira qabanii ilaaluuf akka ta'u dhaddachi ijibbaataa lak.galmee 65054 jildii 12 irratti immoo…. namni tokko mi'a suphee deebisuuf fuudhe tokko deebisuu yoo dide immoo yakka imaanaa hir'isuutiin akka hin gaafachifne hiikoo seeraa kennee jira.

Kanaafuu yakki amantaa hir'isuu akka haala isaatii fi amala shakkamaa sanaatti kan ilaalamu dha. Keessawwuu namni yakka amantaa hir'isuu raawwateera jennu tokko calqaba waanti isatti kenname adaraa/imaanaa/ ykn amantaan ta'uu qaba. Waanti sun kan isa harka gale sababa ogummaa isaa ykn sasbaba hojii isaan illee ta'uu ni mala.Waanti isa harka gale waan faayidaa qabuu fi kaayyoo qabu ta'uu mala. Waanti itti kenname sun walii galtee seeraan yoo ta'e bu'uura waliigalteen gaafatama malee yakka hin ta'u. Kan biroon immoo waan isatti kenname sana deebisuuf ykn haala isaa ibsuuf eeyyamamaa ta'uu yoo baate malee yakka hin ta'u.

Walumaa galatti tumaa seerichaa fi murtii dhaddacha ijibbaataa kana irraa waa hubattan jennee yaadna.

## Abbaan Taayitaa . . .

Fuula 1 irraa naanna'e

ji'oota 5 bara bajataa 2013 tti Taaskii Mootummaa fi Galii Mana-Qopheessaa irraa Birrii 121,846,693.38 Sassaabuuf karoorfatee Birrii 155,251,638.82 Sassaabuu beeksiseera.

Raawii Hojii kan ji'a (Baatii) Amajjii kan bara 3013 Kanaaniis Karoora qabame dhibbeentaa 127.42 milkeessuu kuniis kan yeroo walfakkaataa bara 2012 yoo wal bira yoo qabnu dhibbeentaa 27.42 % ykn maalaqaan Birrii 33,404,945.07 caalmaa qabaachuus addeessanii ji'a (Baatii) Amajjii kan bara 2013 Taaskii Mootummaa irraa Birrii 100,108,182.69 Sassaabuuf karoorfatee Birrii 142,304,582.82 Sassaabuuf danda'uu fi kuniis karoora Birrii 42,196,400.13 caalmaa qabaachuu fi kan yeroo wal-fakkaataa bara 2012 yoo wal bira yoo qabnu dhibbeentaa 37.64% caalmaa qabaachuus addeessaniiru.

Daayireektarri Ol'aanaan Abbaa Taayitaa Obbo Abdulsalam itti dabaluuniis ji'oota 7 bara bajataa 2013 tti raawiin hojii walii galaa Taaskii Mootummaa fi Galii Mana-Qopheessaa irraa Birrii 998,759,105.72 sassaabuuf karoorfatee Birrii 833,673,000.77 sassaabuu fi kuniis karoora keessaa 83.47 % qabaachuus eeranii kan yeroo wal-fakkaataa bara 2012 yoo wal bira yoo qabnu dhibbeentaa 13.52 % caalmaa qabaachuufi kuniis maalaqaan Birrii 99,290,103.16 caalmaa qabaachuus addeessanii

Daayireektarri Ol'aanaan Abbaa Taayitaa Obbo Abdulsalam dhuma irrattiis mikaa'ina Raawii Hojii ol'aanaa kanaaf qaamolee shoira gumaachan Geggeesota, hojjatootaa fi Kafaltoota Gibiraa amanamoos galatoomfataniiru.




## Kilabni Qidduus Giyoorgis Taphattoota Ciccimoo Garichaa 4 Hojiirraa Dhorke



Kilabni Qidduus Giyoorgis sababa namuusaan Geetaanaa Kabbadaa, Aschaalew Taammanaa, Gaaddisaa Maabraatee fi Muluuleem Masfin garee olaanaa keessa dhorkuu beeksiise.

Kilabichi ibsa laateen garicha bu'aa qabeessa taasiisuuf hoggansi boordichaa humna qabu hundaan deeggarsa barbaachisu taasiisaa jiraachuu himeera.

Yaa ta'uutii taphattoonni tokko tokko namuusni agarsiisaa jiran kan isa yaaddesse ta'uu ibsa fuula Feesbuukii isaan laateen eereera.

Tapha kaleessa Istaadiyeemii Dirree Dawaatti Jimmaa Abbaa Jifaar waliin gaggeeffameen Geetaanaa Kabbadaa, Aschaalew Taammanaa, Gaaddisaa Maabraatee fi Muluuleem Masfin namuusa badaa taphattootarraa hin eeggamne agarsiisuu himeera.

Boordiin kilabichaa walga'ii ariifachiisaa gaggeesseen namuusni taphattoonni kunneen agarsiisaan qoratamee gabaasni hanga dhiyaatuutti yeroof garicha keessaa dhorkamanii akka turan murteessu ibsameera.

Kanuma hordofee taphaattoonni kunneen har'a Dirree Dawaa gara Finfinnee akka deebi'an taasiifamuu himeera.

## Piriimiyerliigiin warra Ingiliiz torbeen 33ffaan Jimaata boruu irraa hanga Wiixataatti itti fufuun ni gaggeeffama.




Piriimiyerliigiin warra Ingiliiz torbeen 33ffaan Jimaata boruu irraa hanga Wiixataatti itti fufuun ni gaggeeffama.

Jimaata boruu halkan sa'aatii 04 :00 irratti Isteediyeemii Filaay Emireetsitti Arsenaal kilabii Kaarloo Anchelootii Eevartan simata.
Sanbata duraa darbii Londoniin Weestihaam Yunaaytid - cheelsii, Liivarpuul - Niiwkastil Yunaaytid akkasuma Shiifiildi Yunaaytid - Biraaytan wajjiin Falmatu.
Sanbata guddaas itti fufuun kilabni Maarseeloo Beelsaa Liidsi Yunaaytid - Maanchistar Yunaaytid, Woolvihaampiton - Barnileey akkasuma Astonviilaan-Weestibiroomich Albiyoon waliin taphachuuf beellama qabu.
Wiixata kilabni Obbo Bireendaa Roojersi leestar Siitiin Kiristaal

Gara fuula 7 tti naanna'e

## Waldaan Kubbaa Miilaa Awrooppaa Riyaal Maadriidii fi Juuveentuusiin dorgommii shaampiyoonsi liigii Awrooppaatiin ala gochuufi.




Walakkaa xummuraa Cheelsii wajjiin taphachuuf kan guyyaa eeggachaa jiru Riyaal Maadriidiin bara kanaa fi 2022ttis akka hin hirmaanne abukaatoo qacaree hojjechaa jira.

Riyaal Maadriidiin wajjiin Suppar liigii hundeesaa gad dhaabuuf kan jabeessee hojjechaa ture Juuveentuusiis waggaa dhufu akka hin hirmaanneef ugguruufi jedhameera.

Yaadicha jalqaba kan fidan Maanchistar Yunaaytid Maatii Gileezarootaa tahanis irraa fuudhuun hojiitti kan jijjiirran Kilaboota kana tahuusaatiin

Maanchistar Yunaaytid immoo dursee Suppar liigii keessaa bahuusaatiin adabbii jalaa miliquu danda'as jedhameera.

Murteen

Gara fuula 3 tti naanna'e

**JAALALAA FI DHIIFAMAAN IDAA'AMUUN BU'URA JABAA AMNA BADHAADHINA KEENYAATI!!**